

Waggaa 28^{ffaa} Lak.10/2012

ጳጳሳዊ ዓመት.....ቁጥር.....፲/፪ሺ፲፪

28th year No.10/2020



Finfinnee,.....Guraandhala 11 Bara 2012

ፊንፊንኤ፣የካቲት ፲፩ ቀን ፪ሺ፲፪ ዓ.ም

Finfine,.....February 19, 2020

MAGALATA OROMIYAA

L μ E p % Z M i

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo Qarshii 29.90 የአገሩ "የ" ብር 29.90 Unit Price Birr 29.90	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe ፲%Z M i ፣ ብሔራዊ ፎፍ" ፣ L ራ R r በጨፌ ኦሮሚያ ዕጢክረ ፎ' »	Lak. S. Poostaa 21383-1000 ፎ.ፓ.ቂ.የፋሃ21383-1000 P.O.Box 21383-1000
QABIYYEE Labsii Lakk. 223/2012 Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 91/1997 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Lak. 223/2012Fuula 1	ማውጫ አዋጅ ቁጥር 223/2012 የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደርን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 91/1997 እንደገና ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር 223/2012ገጽ 1	CONTENT Proclamation No. 223/2020 Proclamation No. 223/2020 A Proclamation to Amend Oromia Region Mineral Development Operation Administration No. 91 /2005Page 1
Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 91/1997 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Lak. 223/2012	የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደርን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 91/1997 እንደገና ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር 223/2012	Proclamation No. 223/2020 A Proclamation to Amend Oromia Region Mineral Development Operation Administration No. 91 /2005 Whereas, it is necessary to protect and conserve the mineral resource in our region to be used for the benefit of the people as it is the natural resource of the people and the regional state; Whereas, the government has to ensure that the minerals found on and inside the earth is sustainably used for the benefit of the people and economic development of the region and country since it is exhausting non-renewable natural resource;
Albuudni naannoo keenya keessatti argamu qabeenya uumamaa ummataa fi mootummaa naannichaa waan ta'ee faayidaa ummataatiif akka oolu eegumsaa fi kunuunsa gochuun waan barbaachiseef;	በክልላችን ውስጥ የሚገኘው ማዕድን የክልሉ ህዝብና መንግስት የተፈጥሮ ሃብት በመሆኑ ለህዝብ ጥቅም እንዲውል ጥበቃና እንክብካቤ ማድረግ በማስፈለጉ፤	
Albuubdni lafa irraa fi lafa keessatti argamu qabeenya uumamaa dhumataa deebi'ee bakka hin bu'amne waan ta'ee faayidaa ummataa, diinagdee naannichaatiif fi biyyaatiif ittifu fiinsa ooluun isaa mootummaan mirkanaa'uu waan qabuuf;	በገፅ ምድር ላይ እና በክርስ ምድር ውስጥ የሚገኝ ማዕድን አላቂና የማይታደስ የተፈጥሮ ሃብት ስለሆነ በዘላቂነት ለህዝብ ጥቅም፤ ለክልሉና ለሀገር ኢኮኖሚ መዋሉ በመንግስት መረጋገጥ ስላለበት፤	

Sirni hojii oomishaa fi geejjiba albuudaa seera qabeessa ta'e akka jiraatu taasisuu fi daldala seeraan alaa to'achuun naannichi qabeenya kanarraa bu'aa barbaachisaa ta'e akka argatuuf bulchiinsa hojiiwwan albuudaa seeraan deeggaruun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Lakk. 46/1994 Keewwata 49 (3)(a) tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

Kutaa Tokko Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Lak. 223/2012" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

- 1) "Abbaa Hayyamaa" jechuun nama hayyama hojii albuudaa kamiyyuu akkaataa Labsii kanaatiin argatee hojii albuuda qorannoo, qabatanii turuu yookiin oomishuu irrattii bobba'e jechuudha.
- 2) "Abbaa Taayitaa" jechuun Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa fi caasaa isaa sadarkaan jiru jechuudha.
- 3) "Adeemsa Oomishaa Albuudni Keessa Darbu" jechuun mala adda addaa fayyadamuun albuudaa baasuu, qotuu, bocuu, gogsuu, gosa gosaan kaa'uu, daakuu, qulqulleessuu, miiccuu, baqsuu, bulleessuu yookiin gara gaazitti jijjiiruu jechuudha.
- 4) "Albuuda Ijaarsaa" jechuun albuuda kallattiinis ta'ee al-kallattiin galtee ijaarsaaf kan tajaajilan kan akka maarbilii, giraanaayitii, dhagaa gurraacha, cirracha, saddeeqaa, biyyoo suphee, garagaantii fi albuuda ijaarsaaf tajaajilan kan biroo jechuudha.

ህጋዊ የማዕድን ማምረትና ማንጓዝ ተግባር ሥርዓት እንዲኖር ማድረግና ሕገወጥ ንግድን በመቆጣጠር ክልሉ ከዚህ ሃብት አስፈላጊውን ጥቅም እንዲያገኝ የማዕድን ሥራዎች አስተዳደርን በህግ መደገፍ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልል ህገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀጽ 49 (3) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጧል፡፡

ክፍል አንድ ጠቅላላ ድንጋጌዎች

1. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "ተሻሽሎ የወጣው የኦሮሚያ ክልል የማዕድን ልማት ሥራዎች አስተዳደር አዋጅ ቁጥር 223/2012" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

2. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

- 1) "ባለፈቃድ" ማለት በዚህ አዋጅ መሰረት ማንኛውንም የማዕድን ሥራ እንዲያከናውን ፈቃድ አግኝቶ የማዕድን ምርመራ፣ ይዞ የመቆየት ወይም የማምረት ሥራ ላይ የተሰማራ ሰው ማለት ነው፡፡
- 2) "ባለሥልጣን" ማለት የኦሮሚያ ማዕድን ልማት ባለሥልጣንና በየደረጃው ያለው መዋቅሩ ማለት ነው፡፡
- 3) "የማዕድን ማምረት የሚያልፍበት ሂደት" ማለት የተለያዩ ስልቶችን በመጠቀም ማዕድን ማውጣት፣ መቆፈር፣ መቅረጽ፣ ማድረቅ፣ በአይነት ማስቀመጥ፣ መፍጨት፣ ማጣራት፣ ማጠብ፣ ማቅለጥ፣ ማድቀቅ ወይም ወደ ጋዝነት መቀየር ማለት ነው፡፡
- 4) "የግንባታ ማዕድን" ማለት በቀጥታም ሆነ በተዘዋዋሪ ለግንባታ ግብዓትነት የሚያገለግል እንደ እምነበረድ፣ ግራናይት፣ ጥቁር ድንጋይ፣ አሸዋ፣ ጠጠር፣ የሸክላ አፈር፣ ገረጋንቲ፣ እና ለግንባታ የሚያገለግሉ ሌሎች ማዕድናት ማለት ነው፡፡

Whereas, it is found necessary to support the administration of mineral works with laws to enable the region get necessary benefit from such resource by ensuring the availability of lawful mineral production and transportation works system and controlling the illegal trade of minerals;

Now, Therefore, in accordance with Article 49 (3) (a) of Oromia Regional State Revised Constitution, Proclamation No. 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

Part One General Provisions

1. Short Title

This proclamation may be cited as "Revised Oromia Mineral Development Operations Administration Proclamation No. 223/2020."

2. Definitions

Unless the context requires otherwise, in this proclamation:

- 1) "Licensee" means a person who obtained any mineral operation license in accordance with this proclamation and engaged in activities of exploration, retention or production of minerals.
- 2) "Authority" means Oromia Mineral Development Authority and its structures at each hierarchy.
- 3) "Production Process of the Mineral Undergoes" means the mining, digging, molding, drying, classifying in types, crushing, cleaning, washing, melting, flouring or changing in to gas of minerals using various methods.
- 4) "Construction Mineral" means minerals, which directly or indirectly used as input for construction purposes such as marble, granite, basalt, sands, clay soil gravel and other minerals used for construction.

- | | | |
|--|---|---|
| <p>5) “Albuuda Kabajamoo” jechuun albuuda faayidaan isaa guddina diinagdee biyyaaf shoora ol’aa-naa qabu kan akka pilaatiniyeemii, sookoo fi meetii yookiin dhagaa miidhaaginaa kan akka diyaamandii, ruubii, imeraaldii fi sufayirii ta’ee, albuudaalee biroo mootummaan Dambiin moggaasu ni dabalata.</p> <p>6) “Albuuda Karaa Aadaan Oomishamu” jechuun hojii oomisha albuudaa nama dhuunfaan yookiin waldaa interpiraayizii maayikiroo xixiqaadhaan gurmaa’aniin caalmaatti humna namaa fayyadamuun kan oomishamu jechuudha.</p> <p>7) “Albuuda Oomishuu” jechuun tooftaa hojii kaminiyyuu albuuda lafa irratti yookiin lafa keessatti yookiin qaama bishaanii keessatti kuufamaan argamu yookiin haftee kuufama albuudaa keessaa addaan foo’anii baasuuf hojii hojjatamu ta’ee, hojiiwwan kanaan walqabatee rawwataman kanneen akka albuuda kuusuu, qopheessuu, geejjibsiisuu fi gurguruu ni dabalata.</p> <p>8) “Albuuda Sibiilummaa Qabu” jechuun albuuda kan akka ayiranii, koopparii, ziinkii, meetii, nahaasii, liidii, kiroomaayitii, nikeelii, tantaaliyeemii, maangaanezii fi kan kana fakkaatan jechuudha.</p> <p>9) “Albuuda” jechuun wanta gatii qabu kamiyyuu irra yookiin keessaa lafaatti bifa jajjaboo, dhangala’oo yookiin gaaziitiin uumamaan kuufamee argamu yookiin bishaan keessatti yookiin jalatti adeemsa ji’oolojiitiin uumamuu fi albuuda haala kaminiyyuu qotamee bahe, bishaan ashabaawaa fi haftee albuudaa biyyoo waliin walitti qabame yookiin kuufame albuuda biroo keessatti argamu kan dabalatu ta’ee:</p> | <p>5) “የከበረ ማዕድን” ማለት ለአገር ምጣኔ ሃብት እድገት ከፍተኛ ድርሻ ያለው እንደ ፕላቲኒየም፣ ወርቅ እና ብር ወይም እንደ ዳይመንድ፣ ሩቢ፣ ኢመራልድና ሳፋዩር የመሰሉ የማስዋጊያ ድንጋይ ሆኖ መንግስት በደንብ የሚሰይማቸው ሌሎች ማዕድናትን ይጨምራል።</p> <p>6) “በባህላዊ መንገድ የሚመረት ማዕድን” ማለት በግለሰብ ወይም በማይክሮና ጥቃቅን በተደራጁ ማህበራት በአብዛኛው የሰው ጉልበትን በመጠቀም የሚመረት የማዕድን ማምረት ሥራ ነው።</p> <p>7) “ማዕድን ማምረት” ማለት በማንኛውም ዘዴ በመሬት ላይ ወይም በመሬት ውስጥ ወይም በውሀ አካላት ውስጥ ተጠራቅሞ የሚገኝ ወይም ከተጠራቀመ ማዕድን ተራፊ ውስጥ ለይቶ ለማውጣት የሚሰራ ሥራ ሲሆን ከዚህ ጋር ተያይዞ የሚከናወኑ ሥራዎች እንደ ማዕድን ማጠራቀም፣ ማዘጋጀት፣ ማጓጓዝና መሸጥን ይጨምራል።</p> <p>8) “ብረት ነክ ማዕድን” ማለት እንደ አይረን፣ ኮፐር፣ ዚንክ፣ ብር፣ ነሀስ፣ ሊድ፣ ክሮሚየት፣ ኒኬል፣ ታንታሊየም፣ ማንጋኒዝና የመሳሰሉ ማዕድናት ማለት ነው።</p> <p>9) “ማዕድን” ማለት ማንኛውም ዋጋ ያለው በጠጣር፣ በፈሳሽ ወይም በጋዝ መልክ በተፈጥሮ በመሬት ላይ ወይም ውስጥ ተከማችቶ የሚገኝ ወይም በውሃ ውስጥ ወይም ስር በጂኦሎጂ ሂደት የሚፈጠርና በማንኛውም ሁኔታዎች ተቆፍሮ የወጣ ማዕድን፣ ጨዋማ ውሃ እና ከአፈር ጋር የተያያዘ ተራፊ ማዕድን ወይም በቀሪ የማዕድን ክምችት ውስጥ የሚገኝ ማዕድንን የሚጨምር ሆኖ፡-</p> | <p>5) “Precious Minerals” means minerals that play significant role for the economic development of the country such as platinum, gold and silver or aesthetical stones like diamond, rubs, emeralds; and it also includes other minerals which the government designates as such by regulation.</p> <p>6) “Artisanal Mineral Production” means mineral production activity performed by private person or associations organized in micro and small-scale enterprises mainly by using manpower.</p> <p>7) “Mineral Production” means an activity performed to draw out separating the minerals accumulated on or inside the earth or in the water bodies or from the deposit of mineral remains using whatever method; and include other related activities like depositing, preparing, transporting and selling minerals.</p> <p>8) “Metallic Minerals” means minerals like iron, copper, zinc, silver, bronze, lead, chromite, nickel, tantalum, manganese and other similar minerals.</p> <p>9) “Mineral” means anything having a value which is found naturally deposited on or inside the earth in solid, liquid or gaseous form or created by geological processes in or under water or mineral extracted out from inside the earth in whatever means; including salty water and remains of mineral deposited or accumulated with soil to be found within another mineral; but does not include:</p> |
|--|---|---|

- | | | |
|---|---|--|
| <p>(a) Bishaan oomisha albuudaaf ta-
jaajiluun ala jiruu;</p> <p>(b) Biyyoo lafa irraa fi sheelii dhagaa
qarsaa fi;</p> <p>(c) Peetroliyeemii fi gaazii uum-
mamaa hin dabalatu.</p> <p>10) “Daangaa Naannoo Hayyamaa”
jechuun bakka hayyamni hojii
albuudaa kaartaadhaan daangef-
famee itti kenname jechuudha.</p> <p>11) “Dabarsuu” jechuun mirga
hayyama albuudaa Abbaa Taay-
itaan kenname gurguruu, idaan
qabsiisuu, dhaalchisuu fi haala
biraan nama biroof dabarsuu
jechuudha.</p> <p>12) “Fandii” jechuun maallaqa ab-
baa hayyamaatiin ramadamu
ta’ee, lafa misooma albuudaatiin
miidhame deebisanii misoom-
suuf yookiin hawaasa naanna-
wa hojiiwwan albuudaa jiraatan
fayyaduuf oolu jechuudha.</p> <p>13) “Galmee” jechuun akkaataa
Labsii kanaatiin galmee abbaan
mirgummaa abbaa hayyama al-
buudaa irratti galmaa’u yookiin
ragaan lafa albuudaa kaadaasta-
rii elektiroonkistiin qindaa’ee itti
taa’u jechuudha.</p> <p>14) “Haftaa Kuufama Oomishaa”
jechuun albuuda yeroo walii-
galteen hayyama albuudaa add-
aan citu, haqamu yookiin barri
hayyamaa dhumatutti albuuda
oomishamee walitti kuufamee
jiru jechuudha.</p> <p>15) “Hayyama Oomishaa” jechuun
oomisha albuudaa sadarkaa gud-
daa, sadarkaa xiqqaa, sadarkaa
xiqqaa addaa yookiin albuuda
karaa aadaan oomishuuf hayya-
ma akkaataa Labsii kanaatiin
kennamu jechuudha.</p> <p>16) “Hayyama Qorannoo” jechuun
qorannoo albuudaa gaggeessuuf
hayyama kennamu jechuudha.</p> <p>17) “Hayyama” jechuun hojii al-
buudaa kan akka qorannoo,
qabatanii turuu yookiin oom-
ishuu hojjechuuf hayyama ak-
kaataa Labsii kanaatiin kennamu
jechuudha.</p> | <p>(ሀ) ለማዕድን ማምረት ከሚያገለግል ውጪ
ያለ ውሃ፤</p> <p>(ለ) የመሬት ላይ አፈር እና ሲሻ ድንጋይ
ሼል፤</p> <p>(ሐ) ፔትሮሊየም እና የተፈጥሮ ጋዝን
አይጨምርም፡፡</p> <p>10) “የፈቃድ አካባቢ ወሰን” ማለት በካርታ
ተወስኖ የተሰጠ የማዕድን ሥራ ፈቃድ
ቦታ ማለት ነው፡፡</p> <p>11) “ማስተላለፍ” ማለት በባለሥልጣኑ
የተሰጠን የማዕድን ፈቃድ መብት መሸጥ፣
በዕዳ ማስያዝ፣ ማውረስና በሌላ ሁኔታ
ለሌላ ሰው ማስተላለፍ ማለት ነው፡፡</p> <p>12) “ፈንድ” ማለት በባለፈቃድ የሚመደብ
ገንዘብ ሆኖ በማዕድን ልማት የተጎዳን
መሬት መልሶ ለማልማት ወይም
በማዕድን ሥራው አካባቢ የሚኖረውን
ህብረተሰብ ለመጥቀም የሚውል ማለት
ነው፡፡</p> <p>13) “መዝገብ” ማለት በዚህ አዋጅ መሰረት
የማዕድን ፈቃድ ባለቤት ባለመብትነት
የሚመዘገብበት መዝገብ ወይም የማዕድን
መሬት መረጃ በኤሌክትሮኒክስ ካዳስተር
ተቀናጅቶ የሚቀመጥበት ማለት ነው፡፡</p> <p>14) “የምርት ክምችት ትራፊ” ማለት የማዕድን
ፈቃድ ውል በሚቋረጥበት፣ በሚሰረዝበት
ወይም የፈቃድ ዘመኑ በሚጠናቀቅበት
ጊዜ ተመርቶና ተከማችቶ ያለ ማዕድን
ማለት ነው፡፡</p> <p>15) “የማምረት ፈቃድ” ማለት ከፍተኛ ደረጃ፣
አነስተኛ ደረጃ፣ ልዩ አነስተኛ ደረጃ ወይም
በባህላዊ መንገድ ማዕድን ለማምረት በዚህ
አዋጅ መሰረት የሚሰጥ ፈቃድ ነው፡፡</p> <p>16) “የምርመራ ፈቃድ” ማለት የማዕድን
ምርመራ ለማካሄድ የሚሰጥ ፈቃድ ነው፡፡</p> <p>17) “ፈቃድ” ማለት እንደ የማዕድን ምርመራ፣
ይዞ ማቆየት ወይም የማምረት ሥራዎችን
ለመስራት በዚህ አዋጅ መሰረት የሚሰጥ
ፈቃድ ነው፡፡</p> | <p>(a) water other than the water used
for mineral production;</p> <p>(b) soil on the surface and lime-
stone shell;</p> <p>(c) Petroleum and natural gas.</p> <p>10) “Boundary of License Area”
means an area on which the
mineral operation license is is-
sued being limited in maps.</p> <p>11) “Transfer” means passing the
right of mineral license issued
by the Authority to other per-
son through selling, pledging,
inheritance and other ways.</p> <p>12) “Fund” means the finance allo-
cated by the licensee to be used
for rehabilitating or re-devel-
oping the land damaged due to
mineral development or to sup-
port the community residing
around the mineral works.</p> <p>13) “Book” means a book on which
the ownership right of min-
eral license is registered or on
which evidence of mineral land
is maintained being organized
by electronic cadaster in accor-
dance with this proclamation.</p> <p>14) “Remains of Production De-
posit” means the deposit of
produced minerals by the time
the contract of mineral license
terminated or revoked or li-
cense period is expired.</p> <p>15) “Production License” means a
mineral license issued in accor-
dance with this proclamation to
engage in large scale, small scale,
special small scale or artisanal
method mineral production.</p> <p>16) “Exploration License” means a
license issued for conducting
exploration of minerals.</p> <p>17) “License” means a license is-
sued in accordance with this
proclamation to engage in min-
eral operations like exploration,
retention or production.</p> |
|---|---|--|

- | | | |
|---|---|---|
| <p>18) “Hojii Oomisha Albuuda Sadarkaa Xiqqaa” jechuun hojii oomisha albuudaalee ijaarsaa fi industirii waggaatti oomishamu ta’ee:</p> <p>(a) Albuuda ijaarsaa hanga meetirkuubii 80,000 (kuma saddeettama);</p> <p>(b) Albuuda industirii fi kabajamoo sadarkaa xiqqaa addaa hanga oomisha isaanii Dambii bahuun kan murtaa’u jechuudha.</p> <p>19) “Hojii Oomisha Albuudaa Sadarkaa Guddaa” jechuun hojii oomisha albuudaa ijaarsaa meetirkuubii 80,000 (kuma saddeettamaa) ol waggaatti oomishamu jechuudha.</p> <p>20) “Hojii Oomisha Albuudaa Sadarkaa Xiqqaa Addaa” jechuun dursa hayyama albuuda aadaan oomishaa turanii booda albuuda miidhaginaa yookiin kuufama biyyoo lolaan fuudhee deemu keessatti kan argamu sookoo, meetii, pilaatiniyeemii yookiin albuuda tantaaliyemii oomishaa kan jiranii fi humni maallaqa isaanii meeshaa ammayyaatti fayyadamuu kan isaan dandeesisu waldaan interpirayizii maa-yikiroo fi xixiqqaan gurmaa’uun hojii oomishaa albuudaa hojjatamu jechuudha.</p> <p>21) “Hojiwwan Albuudaa” jechuun hojiwwan albuuda qorachuu, qabatanii turuu yookiin oomishuuf taasifaman kamiyyuu jechuudha.</p> <p>22) “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaatii.</p> <p>23) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.</p> <p>24) “Qabatanii Turuu” jechuun bakka hayyama qorannoo albuuda irratti kenname tokko irratti daangaan yeroo hojii qorannoo albuudaaf kenname xumuramee sadarkaa albuuda oomishuutti ce’uun kan hin danda’amne ta’ee yoo argame mirga hayyama qorannoo sanaa yeroo murtaa’eef qabachuu jechuudha.</p> | <p>18) “አነስተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ሥራ” ማለት በዓመት የሚመረት የግንባታና ኢንዱስትሪ ማዕድናት ሥራ ሆኖ፡-</p> <p>(ሀ) የግንባታ ማዕድን እስከ 80,000 (ሰማኒያ ሺ) ሜትር ኪዩቢ፤</p> <p>(ለ) ልዩ አነስተኛ ደረጃ የኢንዱስትሪና የተከበሩ ማዕድናት የምርት መጠናቸው በሚወጠው ደንብ የሚወሰን ማለት ነው፡፡</p> <p>19) “ከፍተኛ ደረጃ የማዕድን ማምረት ሥራ” ማለት በዓመት ከ80,000 (ሰማኒያ ሺ) ሜትር ኪዩቢ በላይ የሚመረትበት የግንባታ ማዕድናት ማምረት ሥራ ማለት ነው፡፡</p> <p>20) “ልዩ አነስተኛ የማዕድን ማምረት ሥራ” ማለት ቀድሞ በባህላዊ የማዕድን ማምረት ፈቃድ ሊያመርቱ በቆዩ ከዚያ በጎላ የማስዋቢያ ማዕድን ወይም ጎርፍ ከሚወስደው የአፈር ክምችት ውስጥ የሚገኝ ወርቅ፣ ብር፣ ፕላቲኒየም ወይም ታንታሊየም ማዕድናትን በማምረት ላይ ያሉ እና በዘመናዊ መሳሪያ ለማምረት የሚያስችላቸው የፋይናንስ አቅም ያላቸው በማይክሮና ጥቃቅን ኢንተርፕራይዝ በመደራጀት የሚሰራ የማዕድን ሥራ ማለት ነው፡፡</p> <p>21) “የማዕድን ሥራዎች” ማለት የማዕድን ምርመራ፣ ይዞ ማቆየት ወይም ለማምረት የሚፈጸሙ ማናቸውም ሥራዎች ማለት ነው፡፡</p> <p>22) “መንግስት” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ነው፡፡</p> <p>23) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በህግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው፡፡</p> <p>24) “ይዞ መቆየት” ማለት የማዕድን ምርመራ ሥራ ፈቃድ በተሰጠበት ቦታ ላይ ለማዕድን ምርመራ ሥራ የተሰጠው የጊዜ ገደብ ተጠናቆ ማዕድን ወደ ማምረት ደረጃ መሻገር የማይቻል ሆኖ ከተገኘ የምርመራውን ፈቃድ መብት ለተወሰነ ጊዜ ይዞ መቆየት ማለት ነው፡፡</p> | <p>18) “Small Scale Mineral Operation” means production of construction and industrial minerals produced per annum which means:</p> <p>(a) Construction minerals up to eighty thousand (80,000) cubic-meter;</p> <p>(b) Special small-scale industrial and precious minerals, which their amount of production is determined by the regulation to be issued.</p> <p>19) “Large Scale Mineral Operation” means production of construction minerals of more than eighty thousand (80,000) cubic-meter per annum.</p> <p>20) “Special Small Scale Mineral Operation” means the mineral operation carried out by persons who have been previously producing using artisanal mining license and then after turned to the mining operation of aesthetic minerals or minerals found in the soil deposited by erosion such as gold, silver, platinum or tantalum mineral being organized in micro and small scale enterprises as their financial capacity qualify them for using modern equipment.</p> <p>21) “Mineral Operations” means any operation performed for exploring, retention or producing minerals.</p> <p>22) “Government” means Oromia National Regional Government.</p> <p>23) “Person” means natural or juridical person</p> <p>24) “Retention” means retaining the right of exploration license for a fixed period where it is found impossible to transfer to mineral production after the completion of the time limit provided to mineral exploration activity on an area for which mineral exploration license is issued.</p> |
|---|---|---|

- | | | |
|--|--|--|
| <p>25) “Qorannoo” jechuun albuuda argachuuf mallattoowwan albuudaa naannoo tokko keessatti jiran irratti hundaa’uun, irra lafaa fi keessa lafaa, bishaan keessa, biyyoo albuudni kanaan dura qotamee keessaa bahee fi kan hafe yookiin kuufama biyyoo albuuda of keessaa qabu keessaa tooftaalee suuraan, ji’oolojii, ji’oofiziksii fi ji’oo keemistriitiin fayyadamuunii fi haala naannoo irratti jijjiirama fiduu danda’uun boolla adda addaa qotuu fi kan kana fakkaatanitti gargaaramuun jiraachuu albuudaa, faayidaa diinagdee inni qabu, hanga isaa beekuu fi adda baafachuuf hojii hojjetamu jechuudha.</p> <p>26) “Rooyaalitii” jechuun kaffaltii abbaan hayyamaa albuuda oomishu bakka albuuda oomishetti baasii oomishaa fi baasii biraa osoo hin dabalatiin yeroo yeroon dhibeentaan shallagamee mootummaaf kaffalu jechuudha.</p> <p>27) “Sagantaa Hojii” jechuun sagan-taa hojiiwwan albuudaaf bahu ta’ee, karoora tarreeffama hojii, yeroo hojiiin itti gaggeeffamu, hanga humna namaa barbaachisuu fi kan kana fakkaatan kan qabate jechuudha.</p> <p>28) “To’ataa” jechuun nama hojiiwwan albuudaa to’achuudhaaf Abbaa Taayitichaan yookiin caasaa isaa sadarkaan jiraniin ittigaafatmumaan kennameef jechuudha.</p> <p>29) “Waliigaltee” jechuun waliigaltee Abbaa Taayitichaa fi abbaa hayyamaa gidduutti albuuda qorachuu, qabatanii turuu fi oomishuuf taa-sifamu jechuudha.</p> | <p>25) “ምርመራ” ማለት ማዕድን ለማግኘት በአንድ አካባቢ ውስጥ ባሉ ማዕድናት ላይ በመመስረት በገጽ ምድር ላይ እና በከርሰ ምድር ውስጥ፣ በውሃ ውስጥ፣ ከዚህ በፊት ማዕድን ተቆፍሮ ከወጣበትና ከቀረው አፈር ወይም ማዕድን አዘል ከሆነ የአፈር ክምችት ውስጥ የማዕድን መኖርን በስዕላዊ መግለጫ፣ ጂኦሎጂ፣ ጂኦኢክከስና ጂኦኬሚስትሪ ሥልቶችን በመጠቀምና በአካባቢ ላይ ለውጥ በሚያመጣ ሁኔታ የተለያዩ ጉድጋዶች በመቆራርና የመሳሰሉትን በመጠቀም፣ የማዕድን መኖር ያለውን ኢኮኖሚያዊ ጠቀሜታ፣ መጠኑን ለማወቅና ለመለየት የሚሰራ ሥራ ማለት ነው።</p> <p>26) “ሮያሊቲ” ማለት የማዕድን ማምረት ባለፈቃድ ማዕድን ባመረተበት ቦታ የማምረትና ሌላ ወጪን ሳይጨምር በየጊዜው በመቶኛ ተስልቶ ለመንግስት የሚከፍለው ክፍያ ማለት ነው።</p> <p>27) “የሥራ ፕሮግራም” ማለት ለማዕድን ሥራዎች የሚወጣ ፕሮግራም ሆኖ ዝርዝር የስራ እቅድ፣ ሥራው የሚካሄድበትን ጊዜ፣ የሚያስፈልገው የሰው ሀይል መጠንና የመሳሰሉትን የያዘ ማለት ነው።</p> <p>28) “ተቆጣጣሪ” ማለት የማዕድን ሥራዎችን ለመቆጣጠር በባለሥልጣኑ ወይም በየደረጃው ባሉት መዋቅሩ ሃላፊነት የተሰጠው ሰው ማለት ነው።</p> <p>29) “ውል” ማለት ማዕድን ለመመርመር፣ ይዞ ለመቆየትና ለማምረት በባለሥልጣኑና በባለፈቃዱ መካከል የሚደረግ ውል ማለት ነው።</p> | <p>25) “Exploration” means to undertake any activity done to search for minerals in one place by using different methods on and inside the earth, inside water, excavation of mineral soil before and from the remainig soil or mineral contented soil indicating the existence of minerals in pictorial signs, geology, geophysics and geochemistry, excavating different hollow spot that can change the environment, and the economic benefit of existence of mineral, to know and identify its size.</p> <p>26) “Royalty” means the payment made periodically to the government by mineral operation licensee being calculated in percentage for his production area excluding production and other expenses.</p> <p>27) “Work Schedule” means schedule set for mineral operations, which contains plan of list of activities, time for carrying out such activity, the required manpower and the likes.</p> <p>28) “Inspector” means a person given responsibility by the Authority or its structures at each hierarchy to control the mineral operations.</p> <p>29) “Agreement” means a contractual agreement concluded between the Authority and the licensee for exploration, retention and production of minerals.</p> |
| <p>3. Ibsa Koorniyaa
Labsii kana keessatti koorniyaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.</p> | <p>3. የፆታ አገላለጽ
በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው የሴት ፆታንም ይጨምራል።</p> | <p>3. Gender Reference
In this proclamation, any expression in masculine gender shall include the feminine.</p> |
| <p>4. Daangaa Raawwatiinsaa
Labsiin kun hojiiwwan oomisha albuudaa fi albuudaan walqabatani Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeeffaman hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.</p> | <p>4. የተፈጻሚነት ወሰን
ይህ አዋጅ የማዕድን ማምረት እና ከማዕድን ጋር በተያያዙ በኦሮሚያ ክልል ውስጥ በሚካሄዱ ሥራዎች ሁሉ ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።</p> | <p>4. Scope of Application
This proclamation shall be applicable to all mineral and mineral related production operations undertaken in Oromia Region.</p> |

Kutaa Lama Kaayyoo fi Qajeeltoowwan Bu'uuraa Hojii Misooma Qabeenya Albuudaa	ክፍል ሁለት የማዕድን ሀብት ልማት ሥራ ዓላማና መሰረታዊ መርሆች	Part Two Objective and Basic Principles of Mineral Resources Development Operations
5. Kaayyoo Labsiin kun kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata: 1) Aangoo fi ittigaafatamummaa mootummaan qabeenya albuudaa naannichaa bulchuu fi eeguuf Heeraan qabu hojiirra oolchuuf; 2) Misoomni albuudaa guddina diinagdee fi hawaasummaa naannichaa akka saffisiisuu fi carraan hojii bal'inaan akka uumamu gochuuf; 3) Abbootii qabeenyaa naannicha keessatti hojii misooma albuudaa irratti bobba'aniif eegumsa seeraa kennuuf; 4) Qabeenya albuudaa naannichaa haala ittifuufiinsa qabuun misoomsuuf sirna barbaachisu diriirsuuf; fi 5) Qisaasama qabeenya albuudaa keessatti uumamu ittisuu fi seeraan akka misoomu taasisuufidha.	5. ዓላማ ይህ አዋጅ የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖረዋል፡- 1) መንግስት በህገ መንግስቱ ያለውን የክልሉን የማዕድን ሀብት የማስተዳደር እና የመጠበቅ ስልጣንና ኃላፊነት ተግባራዊ ለማድረግ፤ 2) የማዕድን ልማት የክልሉን ኢኮኖሚና ማህበራዊ ዕድገት እንዲያፋጥንና የስራ እድል በስፋት እንዲፈጠር ለማድረግ፤ 3) በክልሉ ውስጥ የማዕድን ልማት ሥራ ላይ ለተሰማሩ ባለሀብቶች የህግ ክልል ለመስጠት፤ 4) የክልሉን የማዕድን ሀብት በቀጣይነት ለማልማት የሚያስፈልግ ስርዓትን ለመዘርጋት፤ እና 5) በማዕድን ሀብት ውስጥ የሚፈጠረውን ብክነት ለመከላከልና በህጋዊ መንገድ እንዲለማ ለማድረግ ነው፡፡	5. Objective This proclamation shall have the following objectives: 1) To enforce the constitutional power and responsibility vested in the government to administer and protect the mineral resources of the region; 2) To enable the mineral development speed up the socio-economic development of the region and to ensure the creation of job opportunities widely; 3) To provide legal protection for the investors engaged in mineral development operations in the region; and 4) To establish a system necessary to sustainably develop the mineral resources of the region; 5) To avoid the wastage taking place in the mineral resources and make it to be developed legally.
6. Lafa Hojii Albuudaa Daangees-sanii Qabuu 1) Lafti qabeenya albuudaa qabuu fi naannicha keessatti argamu hojii misooma albuudaaf ni oola. 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, mootummaan faayidaa ummataatiif barbaachisaadha jedhee yeroo itti amane ummataaf beeksisa baa-suun lafa kamirrattuu hojiin albuudaa akka hin gaggeeffamne dhorkuu ni danda'a.	6. የማዕድን ስራ መሬትን ክልሉ ስለመያዝ 1) በክልሉ ውስጥ የሚገኝና የማዕድን ሀብት ያለው መሬት ለማዕድን ልማት ሥራ ይውላል፡፡ 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ መንግሥት ለህዝብ ጥቅም አስፈላጊ ነው ብሎ ባመነበት ጊዜ ለህዝብ ማስታወቂያ በማውጣት በማንኛውም መሬት ላይ የማዕድን ሥራ አንዳይካሄድ ሊከለክል ይችላል፡፡	6. Enclosing Mineral Operation Land 1) The land having minerals in the region shall be used for the purpose of mineral developments. 2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this article, the government may prohibit conducting mineral operations on any land by announcing it to the public if it believes that it is necessary for the benefit of the public.
7. Iddoowwan Dhorkaman Iddoowwan armaan gadiitti ibsaman irratti hojii misooma albuudaa gaggeessuun dhorkaadha: 1) Iddoo seena qabeessa, aadaa yookiin amantaan itti gaggeeffamuu fi bakka tajaajila hawaasummaa biroo qaama aangoo seeraa qabuun galmaa'e;	7. የተከለከሉ ስፍራዎች ከዚህ በታች በተገለጹት ቦታዎች ላይ የማዕድን ልማት ሥራ ማካሄድ የተከለከለ ነው፡- 1) ታሪካዊ ሥፍራዎች፤ ባህል ወይም እምነት የሚካሄድበት እና በህግ ሥልጣን ባለው አካል የተመዘገበ ሌላ የማህበራዊ አገልግሎት ሥፍራ፤	7. Prohibited Areas It is prohibited to conduct mineral development operations on the following areas: 1) Historical places, cultural or religious places and other social service areas registered as such by the body having lawful power;

- | | | |
|---|--|---|
| <p>2) Paarkiiwwanii fi lafa qabeenya bosonaa fi bineensa bosonaaf daangeffame;</p> <p>3) Bu'uuraalee misoomaa irraa faageenya meetira 500 keessatti hayyama hojiiwwan albuudaa kennuu;</p> <p>4) Iddoowwan Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahuun hojii albuudaa gaggeessuun dhorkaada ha jedhamee ibsamanitti.</p> | <p>2) ፓርኮችና ለደን ሀብትና ለዱር አራዊት የተከለሰ መሬት፤</p> <p>3) ከመስረተ ልማቶች በ500 ሜትር ርቀት ውስጥ የማዕድን ሥራዎች ፈቃድ መስጠት፤</p> <p>4) ይህን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣ ደንብ የማዕድን ሥራን ማካሄድ ክልክል ነው ተብለው በሚገለጹ ቦታዎች፡፡</p> | <p>2) Parks and land enclosed for forest resources and for wild animals;</p> <p>3) Issuing mineral operation license within 500 meters distance away from infrastructure developments;</p> <p>4) Areas specified as prohibited for conducting mineral operation by the regulation to be issued for the implementation of this proclamation.</p> |
| <p>8. Hojii Albuudaa Hojjechuuf Hayyamni Barbaachisaa Ta'uu</p> | <p>8. የማዕድን ሥራን ለማከናወን ፈቃድ ስለማስፈለግ</p> | <p>8. Requirement License to Undertake Mineral Operations</p> |
| <p>1) Namni kamiyyuu hayyama albuudaa seera qabeessa ta'e osoo hin qabaatiin hojii misooma albuudaa kanneen akka albuuda qorachuu, oomishuu, gurguruu, qabatanii argamuu fi geejjibuu hojjechuu hin danda'u.</p> | <p>1) ማንኛውም ሰው ህጋዊ የሆነ የማዕድን ፈቃድ ሳይኖረው የማዕድን ልማት ሥራዎችን እንደ ማዕድን መመርመር፣ ማምረት፣ መሸጥ፣ ይዞ መቆየትና ማጓጓዝን መስራት አይችልም፡፡</p> | <p>1) No person shall undertake mineral development operations like mineral exploration, production, selling, retention and transportation without having lawful mineral license.</p> |
| <p>2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, namni seeraan abbaa qabiyyee lafaa ta'e albuudaalee ijaarsaa lafa qabiyyee isaa jala jiru irratti hayyama osoo hin barbaachisin kaayyoo daldalaatiif kan hin oolle oomishee dhuunfaan fayyadamuu ni danda'a.</p> | <p>2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፣ ሕጋዊ የመሬት ባለይዞታ የሆነ ሰው የኮንስትራክሽን ማዕድናትን በይዞታው ስር ከሚገኝ መሬት ላይ ፍቃድ ሳያስፈልገው ለንግድ ላልሆነ ዓላማ አምርቶ በግሉ መጠቀም ይችላል፡፡</p> | <p>2) Notwithstanding to the provision under sub article 1 of this article, any person who is a legitimate holder of a land may produce and use for his private consumption the construction minerals not used for business objectives on the land under his possession without the need to have license.</p> |
| <p>3) Qaamni bu'uuraalee misoomaa hojjetu yookiin pirojektii mootummaan gaggeeffaman baajan ni hin ramadamne yookiin gatiin albuudaa waliigaltee ijaarsaa keessatti hin hammatamne yoo ta'e, Abbaa Taayitichaa dursanii hayyamsiisuun albuudaalee ijaarsaa kaffaltii malee oomishee ittifayyadamuu ni danda'u.</p> | <p>3) የመሠረተ ልማት አውታሮችን የሚሰራ አካል ወይም በጀት ያልተመደበላቸው በመንግስት የሚካሄዱ ፕሮጀክቶች ወይም በግንባታ ውል ውስጥ የማዕድኑ ዋጋ ያልተካተተ ከሆነ ባለሥልጣኑን አስቀድሞ በማስፈቀድ የኮንስትራክሽን ማዕድናትን ያለ ክፍያ አምርቶ መጠቀም ይችላል፡፡</p> | <p>3) The body constructing infrastructures or projects conducted by the government for which budget is not allocated or if the price of the mineral is not incorporated in the construction contract, may produce and use the construction minerals without payment by acquiring the prior authorization of the Authority.</p> |
| <p>4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, albuudni oomishamee hojiirraa hafe mootummaaf galii ta'uu qaba. Hangi haftee fi haalli galii itti ta'u Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.</p> | <p>4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ከሥራው የሚቀረው የተመረተው ማዕድን ለመንግስት ገቢ መደረግ አለበት፡፡ የቀረው መጠንና ገቢ የሚሆንበት ሁኔታ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡</p> | <p>4) Without prejudice to the provision under sub article 3 of this article, the remain of the produced mineral from work shall be deposited to the government. The amount remains and as to how it is deposited shall be determined by the regulation to be issued.</p> |

9. Waldaa Interipiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaatiif Dursi Kan Kennamu Ta'uu

Nama waldaa interipiraayizii maayikiroo fi xixiqqaan gurmaa'ee hojii albuudaa karaa aadaan oomishamu irratti bobba'uu barbaaduuf dursi ni kennama. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

10. Hojiiwwan Albuudaa Mootummaan Gaggeeffaman

Mootummaan hojiiwwan albuudaa guddina diinagdee waliigalaaf murteessaa ta'an, ofiin yookiin abbootii qabeenyaa dhuunfaa waliin waldaa aksiyoona hundeessuun qindoominaan hojjechuu ni danda'a. Akkaataan raawwi isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

11. Hayyama Argachuuf Gahaa Ta'uu

- 1) Namni hayyama hojiiwwan albuudaa argachuuf barbaadu kamiyyuu ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:
- (a) Akkaataa seera daldalaatiin nama daldala gaggeessuu danda'u;
- (b) Ragaa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo fi hawaasaa qaama aangoon seeraan kennameef irraa dhiyeessuu;
- (c) Dandeettii maallaqaa, teekinikaa fi ogummaa hojichaaf barbaachisu qabaachuu;
- (d) Nama kisaaraa keessa hin jirre yookiin liqeessitoota waliin bu'uur waliigaltee liqaa keessa galeen kaffalee kan xumure yoo ta'e;
- (e) Waldaa daldalaa diigamuu irra hin jirree; fi
- (f) Ragaa sobaa yookiin gocha dogoggorsuutiin hayyamni kan jalaa hin haqamne.
- 2) Ulaagaan Keewwata kan Keewwata Xiqqaa 1 (a - e) jalatti tumame waldaa interpirayizii maayikiroo fi xixiqqaan gurmaa'ee irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

9. ለጥቃቅንና አነስተኛ ማህበራት ቅድሚያ የሚሰጥ ስለመሆኑ

በጥቃቅንና አነስተኛ ማህበራት ተደራጅቶ በባህላዊ መንገድ በሚመረት የማዕድን ሥራ ላይ ለመሰማራት ለሚፈልግ ሰው ቅድሚያ ይሰጣል። ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

10. በመንግስት የሚካሄዱ የማዕድን ሥራዎች

መንግስት ለጠቅላላ የኢኮኖሚ ዕድገት ወሳኝ የሆኑ የማዕድን ሥራዎችን፣ በራሱ ወይም ከግል ባለሀብቶች ጋር የአክሲዮን ማህበር በመመስረት በቅንጅት ሊሰራ ይችላል። አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

11. ፈቃድ ለማግኘት ብቁ ስለመሆን

- 1) የማዕድን ሥራዎች ፈቃድ ለማግኘት የሚፈልግ ማንኛውም ሰው የሚከተሉትን መስፈርቶች ማሟላት አለበት፡-
 - (ሀ) በንግድ ሕግ መሰረት የንግድ ሥራን ለማከናወን የሚችል ሰው፤
 - (ለ) በህግ ሥልጣን ከተሰጠው አካል የተሰጠ የአካባቢና የህብረተሰብ ተፅዕኖ ጥናት ማስረጃ ማቅረብ፤
 - (ሐ) ለስራው የሚያስፈልገውን የገንዘብ፣ የቴክኒክና የሙያ ችሎታ መኖር፤
 - (መ) ኪሳራ ውስጥ የሌለ ወይም ከአበዳሪዎች ጋር በገባው የብድር ውል መሰረት ከፍሎ የጨረሰ ሰው ከሆነ፤
 - (ሠ) በመፍረስ ላይ የሌለ የንግድ ድርጅት፤ እና
 - (ረ) በሀስተኛ ማስረጃ ወይም በማታለል ተግባር ፈቃዱ ያልተሰረዘበት።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ ቁጥር 1(ሀ-ሠ) ሥር የተደነገገው መስፈርት በጥቃቅንና አነስተኛ ማህበራት በተደራጁ ላይ ተፈጻሚነት አይኖረውም።

9. Priority Given to Micro and Small Scale Enterprise Association

Priority shall be given to a person who wishes to be organized in micro and small scale enterprise and engage in artisanal mineral operation. Its particulars shall be determined by the regulation to be issued.

10. Mineral Operations Undertaken by the Government

The government may engage in mineral operations that are crucial for the overall economic development by itself or in collaboration with private investors through forming shares associations. Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued.

11. Eligibility For License

- 1) Any person who wants to acquire mineral license shall fulfill the following criteria:
 - (a) person who can perform trade activity in accordance with the commercial law;
 - (b) submit evidence of environmental and social impact assessment from legally authorized body;
 - (c) have the financial, technical and professional capacities required for the operation;
 - (d) person not in bankruptcy or who has completed paying his debts for creditors as per the contract;
 - (e) trade association or organization not on dissolution; and
 - (f) whose license is not revoked due to false evidences or deceitful acts.
- 2) The criteria provided under sub article 1(a-e) of this article shall not be applicable to persons organized in micro and small scale enterprises.

3) Keewwata kan Keewwata Xiqqaa 1 (f) jalatti kan tuma-me ilaalchisee, namni hayyamni isaa sababa ragaa sobaa yookiin gocha dogoggorsuutiin jalaa haqame, yeroo hayyamni isaa itti haqamee eegalee hanga waggaa 5 (shanii) tti hayyama biraa argachuu hin danda'u.

12. Iyyannoo Hayyamaa

- 1) Namni hayyama albuudaa argachuuf yookiin haaromsuuf yookiin dabarsuuf barbaadu kamiyyuu iyyannoo isaa unka Abbaan Taayitichaa qopheesse irratti guutuun Abbaa Taayitichaa dhiyeessuu qaba. Tarreefamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 2) Abbaan Taayitichaa iyyannoo dhiyaate ilaalee ulaagaalee barbaachisoo Labsii kana keessatti tumaman guutuu isaa yoo mirkaneesse galmeessee iyyataaf hayyamicha ni kenna.

13. Tartiiba Iyyannoo Hayyamni Hojii Albuudaa Ittiin Keessummaa'u

Abbaan Taayitichaa hayyama albuudaa yeroo kennu, waldaa interpiraayzii maayikiroo fi xixiqqaa jajjabeessuuf yookiin albuudni guddina diinagdeef ooluu ni danda'a jedhee haala biroon yoo murteesse malee, tartiibni iyyannoon itti keessummaa'u akkaataa Dambii bahu keessatti murtaa'uun ta'a.

14. Qaama Dhimmi Ilallatu Beeksisuu

- 1) Abbaan Taayitichaa akkaataa Labsii kanaatiin iyyannoo dhiyaate erga galmeessee booda, bakka gaaffiin irratti dhiyaate daangaa, bal'inaa fi teessoo itti argamu tuquun xalayaan yookiin sabqunnamtii miidiyaa naannichaa fayyadamuun qaamni sadaffaan akka beeku ni taasisa.

3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1(ፈ) ሥር የተደነገገውን በተመለከተ፣ ፈቃዱ በሃሰተኛ ማስረጃ ወይም በማታለል ተግባር ምክንያት የተሰረዘበት ሰው፣ ፈቃዱ ከተሰረዘበት ጊዜ ጀምሮ እስከ 5 (አምስት) አመት ሌላ ፈቃድ ማግኘት አይችልም፡፡

12. ስለፈቃድ ማመልከቻ

- 1) የማዕድን ፈቃድ ለማግኘት፣ ለማደስ ወይም ለማስተላለፍ የሚፈልግ ማንኛውም ሰው ማመልከቻውን ባለሥልጣኑ በሚያዘጋጀው ቅፅ ላይ በመሙላት ለባለሥልጣኑ ማቅረብ አለበት፡፡ ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
- 2) ባለሥልጣኑ የቀረበውን ማመልከቻ በማጤን በዚህ አዋጅ ሥር የተደነገጉትን አስፈላጊ መስፈርቶች መሟላታቸው ካረጋገጠ መዝገብ ለአመልካቹ ፍቃዱን ይሰጣል፡፡

13. የማዕድን ሥራ ፍቃድ ማመልከቻ ስለሚሰተናገዱበት ቅደም ተከተል

ባለሥልጣኑ የማዕድን ፍቃድ በሚሰጥበት ጊዜ ጥቃቅንና አነስተኛ ማህበርን ለማበረታት ወይም ማዕድኑ ለኢኮኖሚያዊ ዕድገት መዋል ይችላል ብሎ በሌላ አኳኒን ካልወሰነ በቀር፣ ማመልከቻዎች የሚሰተናገዱበት ቅደም ተከተል በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

14. ለሚመለከተው አካል ስለማሳወቅ

- 1) ባለሥልጣኑ በዚህ አዋጅ መሰረት የቀረቡትን ማመልከቻ ከመዘገበ በኋላ፣ ጥያቄው የቀረበበትን ቦታ ወሰን፣ ስፋት እና የሚገኝበትን አድራሻ በመጥቀስ በደብዳቤ ወይም የክልሉን የመገናኛ ብዙሃን በመጠቀም ሶስተኛ ወገን እንዲያውቀው ያደርጋል፡፡

3) Regarding the provision under sub article 1(f) of this article, a person whose license is cancelled due to false evidences or deceitful acts shall not acquire another evidence for 5 (five) years from the time of its cancellation.

12. Application for License

- 1) Any person wishing to obtain, renew, or transfer mineral license shall fill and submit to the Authority his application on the format prepared by the Authority. Its particulars shall be determined by the regulation to be issued.
- 2) The Authority shall examine the application submitted to it and issue the license for the applicant up on ensuring that it fulfill the necessary criteria provided in this proclamation.

13. Order of Receiving Application for Mineral License

When the Authority issues mineral license, unless it is to encourage the micro and small-scale enterprises or determines otherwise believing that the mineral can be used for economic development, the steps for receiving the application for mineral license shall be as determined in the regulation to be issued.

14. Notifying the Concerned Body

- 1) The Authority shall, after registering the application submitted in accordance with this proclamation, notify to the third party through letter or using media communications of the region by stating the area which the request is submitted, its boarder, size and its place of location.

- 2) Qaamni kennamuu hayyamaa irratti mormii qabu kamiyyuu guyyaa beeksisni akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin beeksifamee eegalee guyyaa hojii 7 (torba) keessatti sababa isaa waliin mormii isaa Abbaa Taayitichaaf dhiyesuu ni danda'a.
- 3) Abbaan Taayitichaa mormii ka'e irratti qaamolee dhimmii ilaallatu waamuun akka waliigalteen hiikan ni taasisa.
- 4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumaameen gareen lamaan mormii ka'e waliigalteedhaan hiikuu yoo hin dandeenye, Abbaan Taayitichaa falmii bitaa fi mirgaa dhagahuun guyyaa 7 (torba) keessatti mormii ka'e fudhachuu yookiin kufaa gochuun murteessuu qaba.

15. Ragaalee Hayyama Hojiiwwan Albuudaa Galmeessuu

- 1) Abbaan Taayitichaa galmee hayyamaa, iyyannoo, komii dhiyaatee fi ragaa mirgi hayyama albuudaa ittiin dabarfame, dhorkame, kenname, haqamee fi dhaalame ilaalchisee galmee haadhoo hojii albuudaa ni hundeesa; ni galmeessa; ni qabata. Tarreefamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 2) Abbaan hayyamaa kamiyyuu sanadoota mirgaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumaman, guyyaa uumaman irraa eegalee guyyaa walitti aanan 90 (sagalatama) keessatti Abbaa Taayitichaatti dhiyessee kan hin galmeessifne yoo ta'e fudhatama hin qaban.

- 2) ፈቃድ በመስጠቱ ላይ ተቃውሞ ያለው ማንኛውም አካል ማስታወቂያው በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሰረት እንዲታወቅ ከተደረገበት ቀን ጀምሮ በ7 (ሰባት) የስራ ቀን ውስጥ ተቃውሞውን ከነምክንያቱ ጋር ለባለሥልጣኑ ማቅረብ ይችላል።
- 3) ባለሥልጣኑ በተነሳው ተቃውሞ ላይ የሚመለከታቸውን አካላት በመጥራት በስምምነት እንዲፈቱ ያደርጋል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር በተደነገገው መሰረት የተነሳውን ተቃውሞ ሁለቱ ወገኖች በስምምነት መፍታት ካልቻሉ፣ ባለሥልጣኑ የግራ ቀኙን ክርክር በመስማት በ7 (ሰባት) ቀን ውስጥ የቀረበውን ተቃውሞ በመቀበል ወይም ውድቅ በማድረግ መወሰን አለበት።

15. የማዕድን ሥራዎች ፈቃድ ማስረጃዎችን መመዝገብ

- 1) ባለሥልጣኑ የፍቃድ፣ ማመልከቻ፣ የቀረበ ቅሬታ መዝገብ እና የማዕድን ፍቃድ መብት የተላለፈበትን፣ የተከለከለበትን፣ የተሰጠበትን፣ የተሰረዘበት እና የተወረሰበትን ማስረጃ አስመልክቶ የማዕድን ሥራዎች ዋና መዝገብን ያቋቁማል፣ ይመዝገባል፣ ይይዛል፡፡ ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- 2) ማንኛውም ባለፈቃድ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገጉትን የመብት ሰነዶች፣ ከተፈጠሩበት ቀን ጀምሮ በ90 (ዘጠና) ተከታታይ ቀናት ውስጥ ለባለሥልጣኑ ቀርበው ካልተመዘገቡ ተቀባይነት የላቸውም።

- 2) Anybody having an objection on the issuance of such license may submit its objection with its reason to the Authority within seven days from the date of announcement of the notice in accordance with sub article 1 of this article.
- 3) The Authority may summon the concerned bodies regarding the objection arise and make them settle such issue in agreement.
- 4) Where the two parties unable to settle the objection arise in agreement pursuant to sub article 3 of this article, the Authority shall hear the two parties and decide by accepting or rejecting the objection within seven (7) days.

15. Registering Evidences of Mineral Operations License

- 1) The Authority shall establish major record of mineral operation, register and maintain regarding the records of license, application, objection submitted and evidence by which the right of mineral license is transferred, suspended, provided, cancelled and inherited. Its particulars shall be determined by the regulation to be issued.
- 2) If any licensee is unable to present the documents of rights provided under sub article 1 of this article and register to the Authority within 90 (Ninety) consecutive days from the date they have been warranted, they shall not be acceptable.

Kutaa Sadii**Hayyama Albuudaa fi Waraqaa Ragaa
Kutaa Xiqqaa Tokko
Hayyama Albuudaa****16. Gosoota Hayyamaa**

Hayyamni hojiiwwan albuudaaf kennamu kanneen armaan gadiiti:

- 1) Hayyama qorannoo albuudaa;
- 2) Hayyama qabatanii turuu; fi
- 3) Hayyama oomisha hojii albuudaa.

17. Hayyama Albuudaa Kennuu

- 1) Hayyamni albuudaa sadarkaa Mootummaa Federaalawa Dimokiraatawa Rippaabliika Itiyoophiyaatiin bu'uura seera rogummaa qabuun kennamu akkuma eeggameetti ta'ee, hayyamni albuudaa naannicha keessatti kan kennamu, haaromfamu, haqamu yookiin addaan kutamu Abbaa Taayitichaatiin ta'a.
- 2) Abbaa Taayitichaatiin alatti qamni kamiyyuu hayyama albuudaa kennuu, haaromsuu, haquu yookiin addaan kutuun dhorkaadha.

18. Hayyama Qorannoo Albuudaa

- 1) Hayyamni qorannoo albuudaa abbaa hayyamaaf kennamu albuudaalee hayyamicha irratti ibsaman bakka hayyama keessaa qorachuuf mirga qofa-ta'eesa ta'e ni argachiisa.
- 2) Abbaan Taayitichaa hayyama qorannoo iyyataaf kennuu kan danda'u:
 - (a) Iyyataan dandeettii maallaqaa fi ogummaa hojii qorannoo albuudaaf barbaachisu akkaataa sagantaa hojii karoofateen gaggeessuuf dandeessisu qabaachuu isaa yoo agarsiise;
 - (b) Baasiin qorannoof ramadu yoo xiqqaate baasii ka'umsaa sagan-taa hojii qorannoo irratti ibsame bu'uura kan godhate yoo ta'ee; fi
 - (c) Sakatta'insi dhiibbaa naannoo mirkana'ee yoo jiraatedha.

ክፍል ሦስት**የማዕድን ፈቃድና የምስክር ወረቀት****ንዑስ ክፍል አንድ****የማዕድን ፈቃድ****16. የፈቃድ ዓይነቶች**

ለማዕድን ሥራዎች የሚሰጠው ፈቃዶች የሚከተሉት ናቸው፡-

- 1) የማዕድን ምርመራ ፈቃድ፤
- 2) ይዞ የመቆየት ፈቃድ እና፤
- 3) የማዕድን ማምረት ሥራ ፈቃድ፡፡

17. የማዕድን ፈቃድ መስጠት

- 1) በኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ መንግስት ደረጃ አግባብ ባለው ሕግ መሰረት የሚሰጠው የማዕድን ፈቃድ እንደተጠበቀ ሆኖ፣ በክልሉ ውስጥ የማዕድን ፈቃድ የሚሰጠው፣ የሚታደሰው፣ የሚሰረዘው ወይም የሚቋረጠው በባለሥልጣኑ ይሆናል፡፡
- 2) ከባለሥልጣኑ ውጪ በማንኛውም አካል የማዕድን ፈቃድ መስጠት፣ ማደስ፣ መሰረዝ ወይም ማቋረጥ ክልክል ነው፡፡

18. የማዕድን ምርመራ ፈቃድ

- 1) ለባለፈቃዱ የሚሰጠው የማዕድን የምርመራ ፈቃድ በፈቃዱ ላይ የተመለከቱትን ማዕድናት በፈቃዱ ክልል ውስጥ ለመመርመር የሚያስችል ብቸኛ የሆነ መብት ያስገኛል፡፡
- 2) ባለሥልጣኑ የምርመራ ፈቃድ ለአመልካች መስጠት የሚችለው፡-
 - (ሀ) አመልካቹ የገንዘብ እና የማዕድን ምርመራ ሥራ ባቀረበው የሥራ እቅድ መሰረት ለማከናወን የሚያስችል ሙያ እና አቅም እንዳለው ካሳየ፤
 - (ለ) ለምርመራ የሚመደበው ወጪ ቢያንስ በምርመራ ሥራ መርሃ ግብሩ ላይ የተጠቀሰውን መነሻ ወጪ መሰረት ያደረገ ከሆነ፤ እና
 - (ሐ) የተረጋገጠ የአካባቢ ተጽዕኖ ግምገማ ካለ ነው፡፡

Part Three**Mineral License and Certificate****Sub Part One****Mineral License****16. Types of License**

The licenses to be issued for mineral operations shall be the following:-

- 1) Mineral Exploration license;
- 2) Retention license;
- 3) Mineral production license;

17. Issuing Mineral License

- 1) Without prejudice to the mineral license issued at federal level in accordance with appropriate laws, the mineral license shall be issued, renewed, cancelled or terminated in the region only by the Authority.
- 2) It is prohibited to issue, renew, cancel or terminate mineral license by anybody except the Authority.

18. Mineral Exploration License

- 1) The exploration license issued for the licensee shall qualify him acquire the exclusive right owner to explore the minerals specified on the license at the license area.
- 2) The Authority shall issue exploration license for the applicant where:
 - (a) the applicant shows that he has financial capacity and the profession required for mineral exploration that enables him undertake in accordance with the schedule he has planned;
 - (b) the expenditure he allocates is on the basis of at least the threshold expense expressed on the survey activity schedule; and
 - (c) Where there exist an approved environmental impact assessment.

3) Abbaan Taayitichaa hayyamni qorannoo akka hin kennamne yeroo dhoorku murtii isaa barreeffamaan sababa waliin ibsuun iyyataaf beeksisuu qaba.

19. Bara Hayyamaa fi Haaromsa Hayyama Qorannoo

- 1) Hayyamni qorannoo hanga yeroo waliigalticha keessatti ibsameetti fudhatama kan qabu ta'ee, haala kamiinuu turtiin hayyamichaa waggaa 3 (sadii) caaluu hin danda'u.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, hayyamni qorannoo yeroo lamaaf turtii waggaa 1, 1 (tokko tokkoo) haaromfamuu ni danda'a.

20. Mirgaa fi Dirqama Abbaa Hayyama Qorannoo

- 1) Abbaan hayyama qorannoo mirgoota armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Hayyamni qabatanii turuu albuudaa akka kennamuuf iyyachuu fi argachuu;
 - (b) Ulaagaa hayyama oomishaa argachuu yoo guute hayyamni oomisha albuudaa akka kennamuuf iyyachuu fi argachuu;
 - (c) Hayyama barreeffamaa Abbaa Taayitichaa irraa dursa yoo argate saamuda albuudaa laabooraatooriin qorachiisuuf jecha hamma hayyamameef qofa fudhatee geejjibsisuun qorachiisuu ni danda'a. Albuudni saamudaaf fudhatame qabeenyummaan isaa kan mootummaa ta'ee erga qorannoon xumuramee booda Abbaa Taayitichaaf deebi'uu qaba.
- 2) Abbaan hayyamaa qorannoo albuudaa dirqama armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Hojii qorannoo albuudaa guyyaa hayyama fudhate irraa eegalee guyyaa walitti aanan 60 (jahaatama) keessatti calqabuu;
 - (b) Tumaalee fi haal-dureewwan hayyamichaa kabajuu; fi
 - (c) Saamuda albuudaa qorannoof fudhatee geejjibsiise qorachiisuu fi deebisuu.

- 3) The Authority may order investigation to be conducted in accordance with article 50 of this proclamation where it believes that the licensee has obstructed the production of necessary information in accordance with sub article 1 of this article or make it to be lost.

61. Failure to Pay Royalty and Income Tax

If a licensee fails to pay royalty, income tax or any other payment on the due date, the Authority may by order prohibit the disposal of any mineral from the mining area concerned, or from any other mining area held by the licensee until all outstanding payments have been paid or until an arrangement has been accepted by the Authority for the payment thereof.

62. Payment for a License

Any person shall perform the payment necessary to acquire or renew license in accordance with this proclamation for the government annually. The amount and manner of payment of license shall be determined by the regulation to be issued.

63. Kiraa Lafa Albuudaa

Abbaan hayyamaa kamiyyuu bakka hayyama isaarratti waggaa waggadhaan kiraa lafaa dursee mootummaaf kaffaluu qaba. Hammi kiraa kaffalamu akkaataa Labsii Kiraa Lafaa Mootummaan Naannichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

64. Aksiyoona Mootummaan Qabamu

- 1) Bu'uura Keewwata Labsii kanaa Keewwata 10 jalatti ibsameen mirgi mootummaan hojiiwwan albuudaa gaggeessuuf qabu akkuma eegametti ta'ee, Aksiyoona ni mootummaan qabamu bu'aa misooma albuudaa oomishamu irraa argamu keessaa abbaa hayyama oomisha albuuda aadaan alatti abbaa hayyamaa kamirraayyuu % 5 baasii tokko malee qabachuu ni danda'a.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, gahee dhibbeentaa, haala kaffaltii, hirmaannaa irraa mirgaa fi dirqa mootaa maddanii fi tarreeffama biroo haalota hirmaannaa bu'uura waliigaltee abbaa hayyamiichaa waliin taasifamuun mootummaan aksiyoona dabalataa qabachuu ni danda'a.

65. Qaraxa Irraa Bilisa Ta'uu

- 1) Abbaan hayyamaa hojiiwwan misooma albuudaa raawwachuuf jalqaba hojichaa irratti meeshaalee barbaachisoo ta'an hojii oomisha albuudaatiif meeshaalee qorannoo bu'aa qabeessumma pirojeektichaa (project feasibility study) keessatti kaa'aman qofa qaraxa irraa bilisaan akka galaniif yoo barbaade Abbaan Taayitichaa xalayaa deeggarsaa kennuufii ni danda'a.
- 2) Abbaan Taayitichaa meeshaaleen haala Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin alaa gara biyya keessatti galan tajaajila hojii albuudaatiif qofa ooluu isaanii ni hordofa; hanqinaalee jiran qaama ilaallatu ni beeksisa.

63. የማዕድን መሬት ኪራይ

ማንኛውም ባለፈቃድ በፈቃድ ቦታው ላይ በየዓመቱ የመሬት ኪራይ አስቀድሞ ለመንግስት መክፈል አለበት። የሚከፈለው የኪራይ መጠን የክልሉ መንግስት በሚያወጣው አዋጅ የሚወሰን ይሆናል።

64. በመንግስት የሚያዝ አክሲዮን

- 1) በዚህ አዋጅ አንቀጽ 10 ሥር በተገለጸው መሰረት መንግስት የማዕድን ሥራዎችን ለማካሄድ ያለው መብት እንደተጠበቀ ሆኖ፣ በመንግስት የሚያዝው አክሲዮን ከሚመረተው የማዕድን ልማት ምርት ከሚገኘው ትርፍ ውስጥ በባህላዊ ዘዴ ማዕድን ማምረት ባለፈቃድ ካለምንም ወጪ 5% ሊይዝ ይችላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ መቶኛ ድርሻ፣ የአከፋፈል ሁኔታ፣ ከተሳትፎ የሚመነጩ መብትና ግዴታዎችና ሌሎች ዝርዝር የተሳትፎ ሁኔታ ከባለፈቃዱ ጋር በሚደረግ ስምምነት መሰረት መንግስት ተጨማሪ አክሲዮን ሊኖረው ይችላል።

65. ከቀረጥ ነጻ ስለመሆን

- 1) ባለፈቃዱ የማዕድን ልማት ሥራዎች ለመፈጸም በቅድሚያ ለሥራው የሚያስፈልጉ መሳሪያዎች ለማዕድን ማምረት ሥራ አስፈላጊ መሆናቸው በፕሮጀክቱ አዋጪነት ጥናት ውስጥ የተመለከቱ መሳሪያዎችን ብቻ ከቀረጥ ነጻ እንዲገቡለት ከፈለገ ባለሥልጣኑ የድጋፍ ደብዳቤ ሊሰጠው ይችላል።
- 2) ባለሥልጣኑ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1) መሰረት ከውጭ ወደ ሀገር ውስጥ የገቡት መሳሪያዎች ለማዕድን ሥራ ብቻ መዋላቸውን ይከታተላል፤ ያሉትን ውስንነቶችንም ለሚመለከተው አካል ያሳውቃል።

63. Rent of Mineral Land

Any licensee shall pay annually in advance the land rent to the government on his license area annually. The amount of lease to be paid shall be determined in accordance with the land lease proclamation proclaimed by the government of the region.

64. Shares Held by the Government

- 1) Without prejudice to rights of the government to conduct mineral operations as specified under article 10 of this proclamation, the government may hold 5% shares without any expense from any licensee except artisanal licensee out of the profit gained from the mineral development produced.
- 2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this article, the government may hold additional shares based on the agreement made with the licensee regarding percentage of share, condition of payment, the rights and obligations emanating from participation and other details about condition of payment.

65. Exemption from Custom Duty

- 1) The Authority may provide co-operation letter for the licensee if he wants to import custom free the materials necessary for the commencement of mineral development operation only the materials specified in the project feasibility study to be used for mineral production.
- 2) The Authority shall follow up that the materials imported from abroad in accordance with sub article 1 of this article as they are used only for mineral production operation services; notify the existing limitations to the concerned body.

Kutaa Torba**Addaan Citiinsa Hayyamaa fi Cufamuu Hojii Albuudaa****66. Addaan Citiinsa Hayyamaa**

- 1) Hayyamni kan addaan citu:
 - (a) Abbaan hayyamaa bakka hayyama isaa guutumatti yeroo gadi lakkisu;
 - (b) Bu'uura Labsii kanaa fi Dambii Labsicha raawwachiisuuf bahuun hayyamichi Abbaa Taayitaan yeroo haqamu;
 - (c) Hayyamni osoo hin haaromfamiin yeroo hafu; yookiin
 - (d) Mirgi dhaaltotaa akkuma eegametti ta'ee, abbaan hayyamaa yoo du'e yookiin abbaan hayyamaa dhaabata daldalaa yoo ta'e yeroo diigamu yookiin abbaan hayyamaa haala seera qabeessa ta'een murtiin kasaaruu yeroo itti kennamu.
- 2) Mirgi hayyama albuudaa yoo addaan cite abbaan hayyamaa qabiyyee lafaa misooma albuudaatiif fudhate mootummaaf deebisuu qaba.
- 3) Mirgi hayyama sadarkaa xiqqaa yookiin guddaa akkuma addaan citeen, waliigalteen haala birootiin yoo jiraate malee, mootummaan qabeenya socho'aa fi dhaabbii oomisha albuudaatiif tajaajilu hunda gatii qabeenyichaa galmee herregaa abbaa hayyamaa irratti ibsame kaffaluun fudhachuu ni danda'a.
- 4) Mootummaan mirga Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumameen yoo fayyadamuu baate, abbaan hayyamaa bu'uura seera ro gummaa qabuun qabeenyicha nama biraaf dabarsuu ni danda'a; yookiin erga waliigaltichi addaan cite irraa eegalee yeroo ji'a 3 (sadii) hin caalle keessatti abbaan hayyamaa qabeenya isaa kaasuu qabiyyicha gadidhiisuuf dirqama qaba.
- 5) Abbaan hayyama qabeenya isaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin yeroo kaawame keessatti yoo kaasuu baate qabeenyichi mootummaan kan dhaalamu ta'a.

ክፍል ሰባት**የፈቃድ መቋረጥና የማዕድን ሥራ መዘጋት****66. የፈቃድ መቋረጥ**

- 1) ፈቃድ የሚቋረጠው፡-
 - (ሀ) ባለፈቃዱ የፈቃድ ክልሉን ሙሉ በሙሉ በሚለቅበት ጊዜ፤
 - (ለ) በዚህ አዋጅና አዋጁን ለማስፈጸም በሚወጣው ደንብ መሰረት ፈቃዱ በባለሥልጣኑ ሲሰረዝ፤
 - (ሐ) ፈቃዱ ሳይታደስ ሲቀር፤ ወይም
 - (መ) የወራሾች መብት እንደተጠበቀ ሆኖ ባለፈቃዱ ከሞተ ወይም ባለፈቃዱ የንግድ ድርጅት ከሆነ በሚፈርስበት ጊዜ ወይም ባለፈቃዱ ህጋዊ በሆነ ሁኔታ የመክሰር ውሳኔ በሚወሰንበት ጊዜ፡፡
- 2) የማዕድን ፈቃድ መብት በሚቋረጥበት ጊዜ ባለፈቃዱ ለማዕድን ልማት የወሰደውን የመሬት ይዞታ ለመንግስት መመለስ አለበት፡፡
- 3) የአነስተኛ ወይም ከፍተኛ ደረጃ የማዕድን ፈቃድ መብት እንደተቋረጠ በሌላ ሁኔታ ስምምነት ከሌለ በስተቀር መንግስት ለማዕድን ማምረት የሚያገለግሉ ተንቀሳቃሽና ቋሚ ዕቃዎችን በሙሉ በባለፈቃዱ የሂሳብ መዝገብ ላይ የተገለጸውን የንብረቱን ዋጋ በመክፈል ሊወስድ ይችላል፡፡
- 4) መንግስት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር በተደነገገው መብት ካልተጠቀመ፤ ባለፈቃዱ አግባብ ባለው ህግ መሰረት ንብረቱን ለሌላ ሰው ሊያስተላልፍ ይችላል ወይም ባለፈቃዱ ስምምነቱ ከተቋረጠበት ጀምሮ ከ3 (ሦስት) ወር ባልበለጠ ጊዜ ውስጥ ንብረቱን በማንሳት የመሬት ይዞታውን የመልቀቅ ግዴታ አለበት፡፡
- 5) ባለፈቃዱ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (4) ሥር በተቀመጠው ጊዜ ውስጥ ንብረቱን ካላነሳ ንብረቱ በመንግስት የሚወረስ ይሆናል፡፡

Part Seven**Termination of License and Closure of Mineral Operation****66. Termination of License**

- 1) A license may be terminated if:
 - (a) the licensee completely relinquish his license area;
 - (b) The license is revoked by the Authority in accordance with this proclamation and regulation to be issued to implement this proclamation;
 - (c) The license is not renewed; or
 - (d) Without prejudice to the rights of heirs, the licensee dies or if the licensee is juridical person, it is liquidated or declared bankrupt.
- 2) Where the right of mineral license is terminated, the licensee shall return the land holding he has taken for mineral production operation to the government.
- 3) Upon termination of mining rights of the holder of a small scale or large scale mining license, unless otherwise agreed, the government may acquire all the movable and immovable properties used for mineral production by paying their prices stated in the financial account of the licensee.
- 4) If the government has not exercised its right provided under sub article 3 of this article, the licensee may transfer such property to other person in accordance with the appropriate laws or the licensee is obliged to remove his property and relinquish the land holding within not exceeding 3 (three) months as of the termination of the agreement.
- 5) If the licensee fail to remove his property within the time provided under sub article 4 of this article, the property shall be inherited by the government.

67. Cufamuu Hojii Albuudaa

- 1) Abbaan hayyamaa hojiin oomisha albuudaa haala armaan gadiitiin yoo cufame waraqaan ragaa akka kennamuuf Abbaa Taayitichaa gaafachuu ni danda'a:
 - (a) Hayyamni yoo haqame;
 - (b) Hojiin albuudaa yoo addaan cite;
 - (c) Bakka hayyama isaa guutumattii yookiin gartokkeen yoo gadi lak-kise; yookiin
 - (d) Mirga hayyama isaa yoo dhiise.
- 2) Abbaan hayyamaa waraqaan ragaa cufamuu hojii albuudaa akka kennamuuf gaafatu sababiin cufamuu hojii albuudaa Kee-wwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame guyyaa uumame irraa eegalee iyyannoo isaa guyyaa hojii 90 (sagaltama) kees-satti Abbaa Taayitichaatiif dhiyeesuu qaba.
- 3) Tumaalee seerota fayyaa, nageen- yaa fi eegumsa naannoo ilaalchi- see bahaniin furmaanni itti ken- namuun isaa yoo mirkanaa'een ala waraqaan ragaa cufamuu hojii albuudaa hin kennamu.
- 4) Kennamuun waraqaa ragaa cu- famuu hojii albuudaa, erga hoji- in albuudaa cufameen booda ab- baan hayyamaa naannoo irratti miidhaa geessisuun isaa yoo itti dhaqqabame ittigaafatamum- maa jalaa kan isa baasuu miti.

Kutaa Saddeet**Sirna Waldhabdeen Itti Hiikamuu fi Waa'ee Adabbii****68. Waldhabdeewwan Hiikuu**

- 1) Hojiiwwan misooma albuudaa gaggeeffaman keessatti wald- habbii waliigaltee irraa madde, ulaagaalee waliigaltichaa cabsu- un yookiin sababa addaan citiin- saan yookiin sababoota dhimma kanaan walqabatee waldhabi- insa Abbaa Taayitichaa fi abbaa hayyamaa gidduutti uumaman yookiin waldhabdeewwan ab- bootii hayyamaa gidduutti ka'u yookiin qaama sadaffaa gidduut- ti uumamuu yoo danda'e waltajjii mariitiin hiikamuu qabu.

67. የማዕድን ሥራ መዘጋት

- 1) ባለፈቃዱ የማዕድን ማምረት ሥራ በሚከተለው ሁኔታ ከተዘጋ የምስክር ወረቀት እንዲሰጠው ባለሥልጣኑን ሊጠይቅ ይችላል፡-
 - (ሀ) ፈቃዱ ከተሰረዘ፤
 - (ለ) የማዕድን ሥራው ከተቋረጠ፤
 - (ሐ) የፈቃድ ክልሉን ሙሉ በሙሉ ወይም በከፊል ከለቀቀ፤ ወይም
 - (መ) የፈቃድ መብቱን ከተወ፡፡
- 2) የማዕድን ማምረት ሥራ መዘጋት የምስክር ወረቀት እንዲሰጠው የሚጠይቅ ባለፈቃድ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1) ሥር የተገለጸው የማዕድን ማምረት ሥራ መዘጋት ምክንያት ከተፈጠረበት ቀን ጀምሮ አቤቱታውን በ90 (ዘጠና) የሥራ ቀናት ውስጥ ለባለሥልጣኑ ማቅረብ አለበት፡፡
- 3) በጤና፣ በደህንነትና አካባቢ ጥበቃን አስመልክቶ በወጡ ህጎች ድንጋጌዎች መፍትሄ የተሰጠው መሆኑ ካልተረጋገጠ በስተቀር የማዕድን ማምረት ሥራ መዘጋት የምስክር ወረቀት አይሰጥም፡፡
- 4) የማዕድን ማምረት ሥራ መዘጋት የምስክር ወረቀት መስጠት የማዕድን ማምረት ሥራ ከተዘጋ በኋላ ባለፈቃዱ በአካባቢ ላይ ጉዳት ማድረሱ ከተደረሰበት ከሃላፊነት አያድነውም፡፡

ክፍል ስምንት**የግጭት አፈታት ሥነ-ሥርዓት እና ስለ ቅጣት****68. ግጭቶችን መፍታት**

- 1) በሚካሄዱ የማዕድን ልማት ሥራዎች ውስጥ ከስምምነት የሚመነጭ አለመግባባት፣ የስምምነቱን መስፈርቶች በመጣስ ወይም በስምምነት መቋረጥ ወይም ከዚህ ጉዳይ ጋር በተያያዙ ምክንያቶች በባለሥልጣኑና በባለፈቃዱ መካከል ወይም በባለፈቃዶች መካከል ወይም በሶስተኛ ወገኖች መካከል የሚፈጠሩ አለመግባባቶች ቢቻል በውይይት መድረክ መፈታት አለባቸው፡፡

67. Closure of Mineral Operation

- 1) The licensee may request a certificate from the Authority if the mineral production operation is closed as follows:
 - (a) If the license is revoked;
 - (b) If the mineral operation is terminated;
 - (c) If he relinquish his license area fully or partially; or
 - (d) If he waives his right of license.
- 2) The licensee requesting certificate of closure of mineral production operation shall submit his application to the Authority within ninety (90) working days from the date of occurrence of the reasons for the closure of mineral operation specified under sub article 1 of this article.
- 3) No closure certificate shall be issued until the provisions law pertaining to health, safety and the environment has been addressed.
- 4) The issuance of closure of mineral operation certificate to the licensee shall not be a defense for his liability where it is proved that he has caused damage on the environment after the closure of mineral production operation.

Part Eight**Dispute Resolution Procedures and Penalty****68. Resolving Disputes**

- 1) The disputes that between the Authority and licensee or amongst the licensees or amongst third parties arising from the contracts, by violating criteria of the contract or due to termination or reasons related to this issue in the process of mineral development operations shall be resolved through negotiations.

- 2) Dhimmichi waltajjii mariitiin hiikkachuu yoo hin dandeenye sirna bu'uura waliigaltee keessatti taa'een jaarsummaan ilaalamee murtaa'a. Murtiin jaarsummaan kennamu qaamolee waliigaltee seenan irratti kan ragga'u ta'a.
- 3) Murtii jaarsummaan kennamu irratti qaamni komii qabu kamiyyuu komii isaa Mana Murtii ilaallattutti ol'iyyannoo isaa dhiyeffachuu ni danda'a.

69. Tarkaanfii Bulchiinsaa

- 1) Abbaan Taayitichaa, haala ulfaatina dhimmichaa fi miidhaa gahee irratti bu'uureeffachuun nama kamiyyuu irratti tarkaanfii bulchiinsaa armaan gadii fudhachuu ni danda'a:
 - (a) Akeekachiisa barreeffamaa kennuu;
 - (b) Hayyama dhorkuu;
 - (c) Hayyama haquu;
 - (d) Adabbii maallaqaa;
 - (e) Albuuda dhaaluu.
- 2) Abbaan Taayitichaa adabbii bulchiinsaa bu'uura tumaalee kutaa kanaatiin yeroo fudhatu, adabbii fudhate kamiyyuu nama tarkaanfiin irratti fudhatameef barreeffamaan beeksisuu qaba.

70. Hayyama Dhorkuu

- 1) Abbaan Taayitichaa gochi abbaa hayyamaa ummata naannoo yookiin hojjettoota irratti balaa kan geessisu ta'uu isaa yoo mirkaneeffatee fi haala qabatamaa jiruun dhorkuun furmaata ta'ee yoo argame, hayyamicha guutumaan guututti yookiin gartokkeen dhorkuu ni danda'a.
- 2) Abbaan Taayitichaa guyyaa dhorkiin ka'uu fi hojiin itti eegalamu abbaa hayyamaatiif beeksisuu qaba.

- 2) ጉዳዩ በውይይት መድረክ መፈታት ካልቻለ በስምምነቱ ውስጥ በተቀመጠው ሥነ-ስርዓት መሰረት በሽምግልና ታይቶ ይወሰናል። በሽምግልና የሚሰጠው ውሳኔ ስምምነት በገቡት አካላት ላይ የሚጸና ይሆናል።
- 3) በሽምግልና የሚሰጠው ውሳኔ ላይ ቅሬታ ያለው ማንኛውም ወገን፣ ቅሬታውን ለሚመለከተው ፍርድ ቤት ይግባኙን ሊያቀርብ ይችላል።

69. አስተዳደራዊ እርምጃ

- 1) ባለሥልጣኑ፣ በጉዳዩ ክብደትና በደረሰው ጉዳት ላይ በመመስረት በማንኛውም ሰው ላይ የሚከተሉትን አስተዳደራዊ እርምጃ ሊወስድ ይችላል፦
 - (ሀ) የጽሁፍ ማስጠንቀቂያ መስጠት፤
 - (ለ) ፈቃድ መከልከል፤
 - (ሐ) ፈቃድ መሰረዝ፤
 - (መ) የገንዘብ መቀጮ፤
 - (ሠ) ማዕድን መውረስ።
- 2) ባለሥልጣኑ በዚህ ክፍል ድንጋጌዎች መሰረት አስተዳደራዊ እርምጃ በሚወስድበት ጊዜ፣ የወሰደውን ማንኛውም እርምጃ እርምጃው ለተወሰደበት ሰው በጽሁፍ ማሳወቅ አለበት።

70. ፈቃድ መከልከል

- 1) ባለሥልጣኑ የባለፈቃዱ ድርጊት በአካባቢው ህብረተሰብ ወይም በሰራተኞች ላይ ጉዳት የሚያስከትል መሆኑን ካረጋገጠ እና ባለው ተጨባጭ ሁኔታም መከልከል መፍትሄ ሆኖ ከተገኘ፣ ፈቃዱን ሙሉ በሙሉ ወይም በከፊል ሊከልከል ይችላል።
- 2) ባለሥልጣኑ ክልከለው የሚነሳበትንና ሥራ የሚጀመርበትን ቀን ለባለፈቃዱ ማሳወቅ አለበት።

- 2) If the issue cannot be resolved through negotiations, it shall be settled through arbitration in accordance with the procedure provided in the agreement. The arbitral award shall be binding upon parties entered into agreement.
- 3) Any party aggrieved of the decision passed through arbitration may lodge his appeal to the concerned court.

69. Administrative Measure

- 1) The Authority may take the following administrative measures on any person depending on the gravity of the case and the damage caused:
 - (a) Giving written reprimand;
 - (b) Suspending license;
 - (c) Revoking license;
 - (d) Fines penalty;
 - (e) Inheriting the mineral.
- 2) Where the Authority takes administrative measure pursuant to the provisions of this part, it shall notify its decision of penalty in writing to the person on whom such measure is taken.

70. Suspension of License

- 1) Where the Authority ascertains that the acts of the licensee causes damage on the community of the locality or on the workers and suspending the license is found as better solution as per the existing situation, it may suspend the license fully or partially.
- 2) The Authority shall notify the licensee about the date for lifting up of such suspension and resumption of work.

71. Hayyama Haquu

Abbaan hayyamaa gochoota armaan gadii raawwatee yoo argame Abbaan Taayitaa hayyama hojii albuudaa jalaa haquu ni danda'a:

- 1) Hojii albuudaa dagannoo gud-daadhaan yookiin ta'e jedhee karaa seera qabeessa hin taaneen yoo gaggeesse;
- 2) Waliigalteewwan bu'uura hayyamaa yookiin dirqamoota jiran yoo cabse;
- 3) Bu'uura sagantaa hojiitiin hojiiwwan albuudaa hayyama itti fudhatee kan hin gaggeessine yoo ta'e;
- 4) Tumaalee sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo, sadarkaalee nageenyaa fi fayyaa mirkanaa'ee jiru cabsee yoo argame;
- 5) Hojiin oomisha albuudichaa fayyummaa yookiin nageenya nama kamiyyuu yookiin uuma-naannoo irratti miidhaa kan geessisu yoo ta'e yookiin kuufama albuudichaa balaa irra kan buusu yoo ta'e;
- 6) Nagahee gurgurtaa albuudaa yookiin ragaa seera qabeessa ta'e Abbaa Taayitichaatiin kennamu malee albuuda yoo gurgure yookiin gara biyya alaatti yoo erge yookiin albuuda yoo fe'ee yookiin qabatee yoo socho'e;
- 7) Ragaa sirrii hin taane yookiin dogoggora qabu ta'e jedhee dhiyeessee yoo argame;
- 8) Galmeewwanii fi riikardoota barbaachisoo guutuu fi sirrii ta'an, haala yeroo agarsiisan kan hin qabne, harshammeewwan biraa yeroon dhiyeessuu baate yookiin beeksisaawwan barbaachisaa yeroon kennuu yoo hin dandeenye;
- 9) Abbaa Taayitichaa osoo hin beeksisiin lafa kireeffatanii hojii oomisha albuudaa yoo gaggeesse;
- 10) To'attoota haala seera qabeessaan gara iddoo hojiiwwan albuudaa itti gaggeeffaman akka hin galle, dhaabbata, galmeewwan, rikordoota, harshammeewwan biroo yookiin meeshaalee akka hin ilaalle yoo taasise; yookiin

71. ፈቃድ መስረዝ

ባለፈቃዱ የሚከተሉትን ድርጊቶች ፈጽሞ ከተገኘ ባለሥልጣኑ የማዕድን ሥራ ፈቃዱን ሊሰርዝበት ይችላል፡-

- 1) የማዕድን ሥራን በከፍተኛ ቸልተኝነት ወይም ሆን ብሎ ሀገራዊ በሆነ መንገድ ካካሄደ፤
- 2) መስረታዊ የፈቃድ ስምምነቶችን ወይም ያሉትን ግዴታዎች ከጣለ፤
- 3) ፈቃድ የወሰደባቸውን የማዕድን ሥራዎች በሥራ ፕሮግራም መስረት ያላከናወነ ከሆነ፤
- 4) የጸደቀውን የአካባቢ ተጽዕኖ ግምገማ፤ የደህንነትና ጤና ደረጃዎች ድንጋጌዎችን ተላልፎ ከተገኘ፤
- 5) የማዕድን ማምረት ሥራው በማንኛውም ሰው ጤንነት ወይም ደህንነት ላይ ወይም በአካባቢ ተፈጥሮ ላይ ጉዳት የሚያደርስ ከሆነ ወይም የማዕድኑን ክምችቱን አደጋ ላይ የሚጥል ከሆነ፤
- 6) የማዕድን ሽያጭ ደረሰኝ ወይም በባለሥልጣኑ ከሚሰጠው ህጋዊ ማስረጃ ውጪ ማዕድን ከሸጠ ወይም ወደ ውጭ ሀገር ከላከ ወይም ማዕድን ከጫነ ወይም ይዞ ከተንቀሳቀሰ፤
- 7) ሆን ብሎ ትክክለኛ ያልሆነ ወይም ስህተት ያለበት ማስረጃ አቅርቦ ከተገኘ፤
- 8) አስፈላጊ፣ ሙሉና ትክክለኛ የሆኑ እንዲሁም ወቅታዊ ሁኔታን የሚያሳዩ መዛግብትና ሪከርዶች ከሌለው፤ ሌሎች ሰነዶችን በወቅቱ ካላቀረበ ወይም አስፈላጊ ማስታወቂያዎችን በወቅቱ መስጠት ካልቻለ፤
- 9) ባለሥልጣኑን ሳያሳውቅ መራት በመከራየት የማዕድን ማምረት ሥራ ካከናወነ፤
- 10) በህጋዊ መንገድ ተቆጣጣሪዎች የማዕድን ማምረት ሥራዎች ወደሚካሄዱባቸው ቦታ እንዳይገቡ፣ ድርጅቱን፣ መዛግብትን፣ ሪከርዶችንና ሌሎች ሰነዶችን ወይም መሳሪያዎችን እንዳይመለከቱ ካደረገ፤ ወይም

71. Revoking License

The Authority may revoke mineral operation license if the licensee is found to commit the following acts:

- 1) If he deliberately or with grave negligence undertakes mineral operation illegally;
- 2) If he breaches the basic agreements of the license or the obligations;
- 3) If he fail to conduct the mineral operations for which he has acquired license in accordance with work schedules;
- 4) If he is found violating the provisions of environmental impact assessment, the approved safety and health standards;
- 5) If the mineral production operation causes adverse impact on the health or safety of any person or endangers the mineral deposit;
- 6) If he sells or exports minerals to foreign countries or move by loading or holding minerals without having mineral sale receipt or lawful evidence provided by the Authority;
- 7) If he is found intentionally submit incorrect or mistaken evidences;
- 8) If he does not have complete and accurate necessary books and records that indicate the existing situation, fail to present other documents timely or unable to give necessary notices on time;
- 9) If he conducts mineral production operations through leasing land without notifying to the Authority;
- 10) If he makes the lawful inspector not to enter in to the mineral operation areas and not to inspect the organization, books, records, other documents or materials; or

11) Ajaja seera qabeessa ta'e Abbaa Taayitaatiin kennamu raawwachu yoo dide.

72. Akeekkachiisa Kennuu

Abbaan Taayitaa abbaa hayyamaa irratti tarkaanfii hayyama dhorkuu yookiin haquu fudhachu isaatiin dura akeekkachisa qabxiilee armaan gadii ofkeessatti qabate barreeffamaan kennuu qaba:

- 1) Abbaan hayyamaa dhimmoota irra darbe, balleessaa raawwate, seera cabse yookiin hir'ina uumame sirreessuuf tarkaanfii fudhachu qabu; fi
- 2) Abbaan hayyamaa dhimmoota naaf ilaaluu qaban jedhu kamiyyuu yoo qabaate barreeffamaan guyyaa hojii 5 (shan) keessatti Abbaa Taayitaaf dhiyeeffachuu qaba.

73. Dhorkaa yookiin Haqamiinsa Hayyamaa Kaasuu

Abbaan Taayitichaa akeekkachisa dhorkaa yookiin haqamiinsaa haala armaan gadiitiin kaasuu ni danda'a:

- 1) Abbaan hayyama dhorkamuu yookiin haqamuu hayyamichaaf wantoota sababa ta'anii tarreeffaman akkaataa akeekkachisa bu'ura Labsii kana Keewwata 72 tiin kennameen yeroo ibsame keessatti haala gaarii ta'een kan sirreesse, fooyyesse, dhabamsiise yookiin akka hin deebine dhorkera yoo ta'e; yookiin
- 2) Dhorkiin yookiin haqamiinsi raawwatamuu hin qabu jechuudhaan abbaan hayyamaa sababa gahaa dhiyeeffatee fudhatama yoo argate.

74. Albuuda Dhaaluu

Ittigaafatamummaan yakkaa akkuma eeggameetti ta'ee, namni kamiyyuu hayyama albuudaa seera qabeessa ta'e harkatti osoo hin qabaatin albuuda kuusee, fe'ee yookiin qabatee osoo socho'uu yoo qabame, Abbaan Taayitichaa albuuda qabame ofisaatiin dhaaluun bu'ura seera rogummaa qabuun mootummaaf galii akka ta'u gochuu ni danda'a. Akkaataan raawwii isaa Dambii baahuun kan murtaa'u ta'a.

11) በባለሥልጣኑ የሚሰጠውን ህጋዊ ትዕዛዝ ካልፈጸመ፡፡

72. ማስጠንቀቂያ መስጠት

ባለሥልጣኑ በባለፈቃዱ ላይ የፈቃድ መከላከል ወይም መሰረዝ እርምጃ ከመውሰዱ በፊት ከዚህ በታች ያሉትን ነጥቦች በውስጡ የያዘ ማስጠንቀቂያ በጽሁፍ መስጠት አለበት፡-

- 1) ባለፈቃዱ የተላለፋቸውን ጉዳዮች፣ የፈጸመውን ጥፋት፣ የተላለፈው ህግ ወይም የተፈጠረውን ጉድለት ለማስተካከል መውሰድ ያለበት እርምጃ፤ እና
- 2) ባለፈቃዱ ማንኛውም ሊታዩልኝ ይገባል የሚላቸው ጉዳዮች ካለው፤ በ5 (አምስት) የስራ ቀናት ውስጥ በጽሁፍ ለባለሥልጣኑ ማቅረብ አለበት፡፡

73. የፈቃድ ክልከላን ወይም ስረዛን ስለማንላት

ባለሥልጣኑ የፈቃድ ማስጠንቀቂያ ክልከላ ወይም ስረዛን በሚከተለው ሁኔታ ሊያነሳ ይችላል፡-

- 1) ባለፈቃዱ ለፈቃዱ መከላከል ወይም መሰረዝ ምክንያት በመሆን የተዘረዘሩ ነገሮችን በዚህ አዋጅ አንቀጽ 72 መሰረት በተሰጠው ማስጠንቀቂያ መሰረት በተገለጸው ጊዜ ውስጥ በጥሩ ሁኔታ ያስተካከለ፣ ያሻሻለ፣ ያስወገደ ወይም እንዲያመለስ ክልከሎ ከሆነ፤ ወይም
- 2) ባለፈቃዱ ክልከላው ወይም ስረዛው መፈጸም የለበትም በማለት በቂ ምክንያት አቅርቦ ተቀባይነት ካገኘ፡፡

74. ማዕድን ስለመውረስ

የወንጀል ተጠያቂነቱ እንደተጠበቀ ሆኖ ማንኛውም ሰው ህጋዊ የሆነ የማዕድን ፈቃድ ላይዝ ማዕድን አከማችቶ፣ ጭኖ ወይም ይዞ ሲንቀሳቀስ ከተያዘ ባለሥልጣኑ የተያዘውን ማዕድን እራሱ በመውረስ አግባብ ባለው ህግ መሰረት ለመንግሥት ገቢ እንዲሆን ሊያደርግ ይችላል፡፡ የአፈጻጸሙ ሁኔታ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

11) If he refuses to perform the lawful order of the Authority

72. Providing Reprimand

The Authority shall provide written reprimand containing the following issues before taking measures of suspending or revoking license on the licensee;

- 1) Measure to be taken to correct the matters that the licensee has violated, faults he has committed, the laws he has violated or the drawback occurred; and
- 2) The licensee shall submit in writing the issues that he wants to be reconsidered, if any, to the Authority within five (5) working days.

73. Lifting up Suspension or Revocation of License

The Authority may lift up the reprimand, suspension or revocation of license in the following conditions:

- 1) If the licensee has effectively corrected, improved, eliminated or prevented the problems specified as reasons for the suspension or revocation of the license within the time provided in accordance with the reprimand given under article 72 of this proclamation;
- 2) If the licensee has objected the suspension or revocation decision by substantiating with sufficient reasons and his objection is accepted.

74. Inheriting Mineral

Without prejudice to criminal liability, if any person hoards mineral, seized while transporting by loading or holding minerals without having lawful mineral license, the Authority may inherit the controlled mineral in itself and deposit it to the government in accordance with appropriate law. Its implementation particulars shall be determined by the regulation to be issued.

75. Sirna Ol'iyyannoo

- 1) Namni adabbiin bulchiinsaa akkaataa Labsii kanaatiin Abbaa Taayitaan irratti fudhatame kamiyyuu murtii kenname irratti komii yoo qabaate komii isaa barreeffamaan Abbaa Taayitichaa sadarkaa sadarkaan jiranitti dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 2) Namni adabbiin bulchiinsaa irratti kenname kamiyyuu murtiin adabbii bulchiinsaa kun Abbaa Taayitichaa sadarkaa sadarkaan jiranitti bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhiyeefachuu murtiin dhumaa hanga itti hin kennaminitti ol'iyyannoo isaa gara Mana Murti idileetti dhiyeeffachuu hin danda'u.
- 3) Qaamni murtii dhumaa qaama bulchiinsaa ol'iyyannoo dhaggeeffatun akkaataa Labsii kanaatiin kenname irraa komii qabu, ol'iyyannoo isaa guyyaa 30 (soddoma) keessatti Mana Murti idileetii dhiyeeffachuu ni danda'a.

76. Adabbi Yakkaa

- 1) Namni kamiyyuu seera biraatiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee:
- (a) Akkaataa Labsii kana keessatti tumameen Abbaa Taayitichaa irraa hayyama hojii albuudaa osoo hin argatin yookiin hayyamni kenname erga haqameen booda hojii misooma albuudaa kamiyyuu hojjetee yoo argame adabbii hidhaa waggaa 5 (shan) hin caallee fi adabbii maallaqaa Qarshii 100,000.00 (kuma dhibba tokko) hin caalleen ni adabama;
- (b) Bu'uura Labsii kana Keewwata 61 tin ajaja kenname yoo kabajuu dide yookiin ajaja albuuda harka isaa gahee akka hin sochoofne yookiin hin gurgurre Abbaa Taayitichaa kennameef cabsee albuuda sochoosee yookiin gurguree yoo argame adabbii hidhaa waggaa 3 (sadii) hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa hanga Qarshii 20,000.00 (kuma digdama) gahuun yookiin haalli dhimmichaa ulfaataa yoo ta'e la-maaniin ni adabama;

75. የይግባኝ ሥነ-ሥርዓት

- 1) በዚህ አዋጅ መሰረት በባለሥልጣኑ አስተዳደራዊ እርምጃ የተወሰደበት ማንኛውም ሰው በውሳኔው ቅር ከተሰኘ ቅሬታውን በየደረጃው ላሉት ባለሥልጣን በጽሁፍ ሊያቀርብ ይችላል።
- 2) የአስተዳደራዊ ቅጣት የተወሰደበት ማንኛውም ሰው ይህን ውሳኔ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1) መሰረት በየደረጃው ላሉት ባለሥልጣን በማቅረብ የመጨረሻ ውሳኔ እስካልተሰጠ ድረስ ይግባኙን ለመደበኛ ፍርድ ቤት ማቅረብ አይችልም።
- 3) በዚህ አዋጅ መሰረት በይግባኝ ሰሚ አስተዳደር አካል በተወሰነው የመጨረሻ ውሳኔ ላይ ቅሬታ ያለው አካል ይግባኙን በ30 (ሰላሳ) ቀናት ውስጥ ለመደበኛ ፍርድ ቤት ሊያቀርብ ይችላል።

76. የወንጀል ቅጣት

- 1) ማንኛውም ሰው በሌላ ህግ የበለጠ የሚያስቀጣው ካልሆነ በስተቀር፡-
- (ሀ) በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሰረት ከባለሥልጣኑ የማዕድን ሥራ ፈቃድ ሳያገኝ ወይም የተሰጠው ፈቃድ ከተሰረዘ በኋላ ማንኛውንም የማዕድን ልማት ሥራ ሰርቶ ከተገኘ ከ5 (አምስት) አመት በማይበልጥ እስራት እና ከ100,000 (መቶ ሺህ) ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል።
- (ለ) በዚህ አዋጅ አንቀጽ 61 መሰረት የተሰጠውን ትዕዛዝ ካላከበረ ወይም በእጁ የገባውን ማዕድን እንዳያንቀሳቅስ ወይም እንዳይሸጥ በባለሥልጣኑ የተሰጠውን ትዕዛዝ በመጣስ ማዕድን አንቀሳቅሶ ወይም ሽጦ ከተገኘ ከ3 (ሦስት) ዓመት በማይበልጥ እስራት ወይም ከ20,000 (ሀያ ሺ) ብር በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ወይም ጉዳዩ ከባድ በሚሆንበት ጊዜ በሁለቱም ይቀጣል።

75. Appeal Procedure

- 1) Any person who is aggrieved by administrative penalty taken by the Authority in accordance with this proclamation may submit his complain in writing to the Authority found at each hierarchy.
- 2) No person may apply to the competent court for the review of an administrative decision contemplated in sub-article (1) of this Article until he has exhausted the administrative remedies with the Authority found at each hierarchy.
- 3) A party dissatisfied with the final decision of the appeal hearing administrative body given in accordance with this proclamation may lodge his appeal to the ordinary court within thirty (30) days.

76. Criminal Penalty

- 1) Unless it is punishable with more severe penalty under other laws, any person:
- (a) Who is found performing any mineral development operation without obtaining mineral license from the Authority or after the license is revoked as provided in this proclamation shall be punished with imprisonment not exceeding five (5) years and fines not exceeding one hundred thousand (100,000.00) Birr;
- (b) Who fail to observe the order provided in accordance with article 61 of this proclamation or if he is found moving or selling the mineral at his hand violating the order given by the Authority, shall be punished with imprisonment not exceeding three (3) years or fines up to twenty thousand (20,000.00) Birr or both if the case is grave;

- | | | |
|--|--|---|
| <p>(c) Hojii misooma albuudaa keessatti ragaa sirrii hin taane yookiin dogoggorsiisuu danda'u dhiyeessee yoo argame adabbii hidhaa hanga wagga 5 (shan) gahuun yookiin adabbii maallaqaa hanga Qarshii 200,000.00 (kuma dhibba lama) gahuun yookiin haalli dhimmichaa ulfaataa yoo ta'e la-maaniin ni adabama;</p> <p>(d) Albuuda iddoo daangaa hayyama yookiin daangaa yeroo turmaata hayyamaatiin ala darbee oomishee yoo argame adabbii hidhaa waggaa 3 (sadii) hin caallee fi adabbii maallaqaa Qarshii 30,000.00 (kuma soddoma) hin caalleen ni adabama;</p> <p>(e) Oomishni hojii albuudaa fayyummaa yookiin nageenya namaa fi uumama naannoo irratti miidhaa geessisee yoo argame, miidhaa dhaqqabsiiseef ittigaafatamummaan hariiroo hawaasaa akkuma eegameetti ta'ee, adabbii hidhaa waggaa 5 (shan) hin caallee fi adabbii maallaqaa Qarshii 100,000.00 (kuma dhiibba tokko) gahuun ni adabama.</p> <p>2) Konkolaachisaanii fi namni albuuda seeraan ala qabatanii socho'uu, fe'uu fi geejjibsiisuu keessatti hirmaate kamiyyuu, albuudni fe'ame qabamee dhaalamuun mootummaaf galii ta'ee, seera biraatiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee adabbii hidhaa waggaa 1 (tokkoo) gadi hin taanee fi waggaa 5 (shan) hin caalleen fi adabbii maallaqaa hanga Qarshii 50,000.00 (kuma shantama) gahuun ni adabama.</p> | <p>(ሐ) በማዕድን ልማት ሥራ ውስጥ ትክክለኛ ያልሆነ ወይም የሚያሳስት ማስረጃ አቅርቦ ከተገኘ እስከ 5 (አምስት) ዓመት በሚደርስ እስራት ወይም እስከ 200,000 (ሁለት መቶ ሺ) ብር በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ወይም ጉዳዩ ከባድ በሚሆንበት ጊዜ በሁለቱም ይቀጣል፡፡</p> <p>(መ) የተፈቀደውን ክልል ወይም ከተፈቀደው የፈቃድ ቆይታ ጊዜ ውጪ በማለፍ ማዕድን አምርቶ ከተገኘ ከ3 (ሦስት) ዓመት በማይበልጥ እስራትና ከ30,000 (ሰላሳ ሺ) ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡</p> <p>(ሠ) የማዕድን ማምረት ሥራ በሰው ጤና ወይም ደህንነት እና በአካባቢ ተፈጥሮ ላይ ጉዳት አድርጎ ከተገኘ ላይረሰው ጉዳት ያለበት የፍትሕ ብሔር ተጠያቂነት እንደተጠበቀ ሆኖ ከ5 (አምስት) ዓመት በማይበልጥ እስራትና ከ100,000 (አንድ መቶ ሺ) ብር በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡</p> <p>2) በህገወጥ መንገድ ማዕድን ይዞ በመንቀሳቀስ፣ በመጫንና በማጓጓዝ ድርጊት ውስጥ የተሳተፈ ማንኛውም ሾፌርና ሰው፣ ተጭኖ የተያዘው ማዕድን በውረስ ለመንግስት ገቢ ሆኖ፣ በሌላ ህግ የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር ከ1 (አንድ) ዓመት በማያንስና ከ5 (አምስት) ዓመት በማይበልጥ እስራት እና እስከ 50,000 (ሀምሳ ሺ) በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡</p> | <p>(c) Who is found submitting incorrect or misleading evidences in mineral development operation shall be punished with imprisonment up to five (5) years or fines up to two hundred thousand (200,000.00) Birr or both if the case is grave;</p> <p>(d) Who is found producing minerals beyond the boundary of the license area or more than the duration of the license shall be punished with imprisonment not exceeding three (3) years and with fines not exceeding thirty thousand (30,000.00) Birr;</p> <p>(e) If his mineral production operation has caused damage on the health or safety of human beings and the environment, without prejudice to his civil liability, he shall be punished with imprisonment not exceeding five (5) years and fines up to one hundred thousand (100,000.00) Birr.</p> <p>2) Any driver and person participated on trafficking, loading and transporting minerals illegally, after the loaded mineral controlled inherited and deposited to the government, unless punishable with more severe penalty by other laws, they shall be punishable with imprisonment not less than one (1) year and not exceeding five (5) years and with fines up to fifty thousand (50,000.00) Birr;</p> |
|--|--|---|

- 3) Konkolaataan albuuda seeraan ala fêee bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin qabame, haala meeshaa dhoksuu dandeessisuun kan hojjatame yoo ta'e yookiin konkolaaticha irratti qaamni meeshaa dhoksuuf dandeessisu kan tolfame yoo ta'e yookiin abbaan konkolaataa konkolaaticha irratti albuudni seeraan alaa fe'amu isaa osoo beekuu akka hin fe'amne ittisuuf yookiin dhaabsisuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu yoo dhabe konkolaataan qabame albuudicha waliin ni dhaalama.
- 4) Tumaan Keewwata kanaa adabiin bulchinsaa fi ittigaafatamummaa hariiroo hawaasaa abbaa hayyamaa irratti akka hin fudhatamne kan daangeessuu miti.

77. Hirmaannaa Yakkaa Dhaabbata Qaama Seerummaa Qabuu

- 1) Abbaa Taayichaa osoo hin dabalatin dhaabbanni qaamni seerummaa kennameef yak-koota Labsii kana Keewwata 76 jalatti ibsaman keessaa tokkotti hirmaate yammuu argamu, akkaataa akaakuu yakkichaatti adabbii maallaqaa hanga Qarshii 200,000.00 (kuma dhibba lama) gahuun ni adabama.
- 2) Hooggantootaa fi miseensota Abbaa Taayichaa osoo hin dabalatin hojii gaggeessaan, dubbii fixaan, miseensi, bulchaan yookiin miseensi to'annaa yookiin qaamni qulqulleessaa herreegaa haala Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsameen yakki yammuu raawwatamu gahee hojii jaarmiyicha gaggeessuu keessatti qaburraa kan ka'e yakkicha keessatti hirmaataa yoo ta'e akaakuu yakkaa Keewwata 76 jalatti tumaman keessaa tumaa Keewwatichaa roggummaa qabu jalatti adabbii tumame ni adabama.

- 3) ህገወጥ ማዕድን ጭኖ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 መሰረት የተያዘው ተሽከርካሪ ዕቃዎችን ለመደበቅ በሚያስችል ሁኔታ የተሰራ ከሆነ ወይም በተሽከርካሪው ላይ እቃ ለመደበቅ የሚያስችል ተሰርቶ ከሆነ ወይም የተሽከርካሪው ባለቤት ተሽከርካሪው ላይ ህገወጥ ማዕድን መጫኑን እያወቀ እንዳይጫን ለመከላከል ወይም ለማስቆም አስፈላጊውን እርምጃ ያልወሰደ ከሆነ የተያዘው ተሽከርካሪ ከማዕድኑ ጋር በመንግስት ይወረሳል።
- 4) የዚህ አንቀጽ ድንጋጌዎች በባለፈቃዱ ላይ የሚወሰደውን አስተዳደራዊ እርምጃና የፍትሐብሔር ሀላፊነትን አያስቀርም።

77. የህግ ሰውነት ያለው ተቋም የወንጀል ተሳታፊነት

- 1) ባለሥልጣኑን ሳይጨምር የህግ ሰውነት የተሰጠው ተቋም በዚህ አዋጅ አንቀጽ 76 ሥር ከተገለጹት ወንጀሎች በአንዱ ተሳትፎ ሲገኝ እንደ ወንጀሉ ዓይነት እስከ 200,000 (ሁለት መቶ ሺ) ብር በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል።
- 2) የባለሥልጣኑን ሐላፊዎችና አባላትን ሳይጨምር ሥራ-አስኪያጅ፣ ነገረፈጅ፣ አባል፣ አስተዳዳሪ ወይም የቁጥጥር አባል ወይም የሂሳብ አጣሪ አካል በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1) በተገለጸው መሰረት ወንጀል ሲፈጸም ድርጅቱን ለመምራት ካለው ድርሻ የተነሳ በወንጀሉ ተሳታፊ ከሆነ በአንቀጽ 76 ሥር ከተደነገጉት የወንጀል ዓይነቶች ውስጥ አግባብ ባለው የአንቀጽ ድንጋጌ ሥር የተደነገገውን ቅጣት ይቀጣል።

- 3) The vehicle that has loaded minerals illegally and seized in accordance with sub article 2 of this article, if it is assembled in a way that help to conceal materials or if a part that help to conceal materials is fixed on it or if the owner of such vehicle, being aware of the fact that mineral has been illegally loaded on the vehicle and fail to take necessary measure to prevent or to stop the mineral not to be loaded, the seized vehicle shall be inherited together with the mineral;
- 4) The provisions of this article shall not bar the administrative penalty and civil liability from the licensee.

77. Criminal Participation of Organization Having Legal Personality

- 1) Except the Authority, if an organization given legal personality is found participating on one of the offences specified under article 76 of this proclamation, it shall be punishable with fines up to two hundred thousand (200,000) Birr depending on the type of the offence.
- 2) Except the leaders and members of the Authority, if the manager, advocate, members, administrator or controlling member or finance investigation body has participated on the offence committed as specified under sub article 1 of this article due to his management role in the organization, shall be punishable with the penalty provided under the appropriate provision among the types of offences provided under article 76.

Kutaa Sagal**Tumaalee Adda Addaa****78. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti tumaman hojiirraa oolchuuf qaama dhimmi ilaaluun yeroo gaafatamu deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

79. Aangoo Abbaa Seerummaa

Manneen Murtii Mootummaa Naannichaa sadarkaa sadark-aadhaan jiran yakkoota Labsii kana Keewwata 76 fi 77 jalatti ibsaman irratti aangoo abbaa seerummaa ni qabaatu.

80. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu

- 1) Labsii kana raawwachiisuuf Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Dambii baasuu ni danda'a.
- 2) Abbaan Taayitichaa Labsii kanaa fi Dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

81. Tumaalee Ce'umsaa

- 1) Hojiirra oolmaa Labsii kanaatiin dura hayyamni hojii albuudaa Abbaa Taayitichaan kenname yookiin waliigalteen albuudaa Abbaa Taayitichaa waliin taasifame akka haaraatti guyyaa Labsichi ragga'ee bahe irraa eegalee ji'a 6 (jaha) keessatti Abbaa Taayitichaa biratti irra deebi'ee galmaa'uun bu'uura Labsii kanaatiin hayyama fudhachuu qaba.
- 2) Hojiirra oolmaa Labsii kanaatiin dura dhimmoonni uumamanii himannaaf sababa ta'an yookiin falmiin jalqabamee jiru yookiin adeemsa raawwii irra jiran bu'uura seerota duraan jiraniin xumura kan argatan ta'u.

ክፍል ዘጠኝ**ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች****78. ድጋፍ የመስጠት ግዴታ**

ማንኛውም ሰው በዚህ አዋጅ ውስጥ የተደነገጉትን ጉዳዮች ሥራ ላይ ለማዋል በሚመለከተው አካል በሚጠየቅበት ጊዜ ድጋፍ የመስጠት ግዴታ አለበት፡፡

79. የዳኝነት ሥልጣን

በየደረጃው ያሉ የክልሉ መንግስት ፍርድ ቤቶች በዚህ አዋጅ አንቀጽ 76 እና 77 ሥር በተገለጹት ወንጀሎች ላይ የዳኝነት ሥልጣን ይኖራቸዋል፡፡

80. ደንብና መመሪያ የማውጣት ሥልጣን

- 1) ይህን አዋጅ ለማስፈጸም የክልሉ መንግስት አስተዳደር ምክር ቤት ደንብ ሊያወጣ ይችላል፡፡
- 2) ባለሥልጣኑ ይህን አዋጅና በዚህ አዋጅ መሰረት የሚወጣውን ደንብ ለማስፈጸም መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

81. የመሽጋገሪያ ድንጋጌዎች

- 1) ይህ አዋጅ ሥራ ላይ ከመዋሉ በፊት በባለሥልጣኑ የተሰጠ የማዕድን ሥራ ፈቃድ ወይም ከባለሥልጣኑ ጋር የተደረገ የማዕድን ስምምነት አዋጁ ጸድቆ ከወጣበት ቀን ጀምሮ በ6 (ስድስት) ወራት ውስጥ እንደ አዲስ ባለሥልጣኑ ዘንድ እንደገና በመመዝገብ በዚህ አዋጅ መሰረት ፈቃድ መውሰድ አለበት፡፡
- 2) ይህ አዋጅ ሥራ ላይ ከመዋሉ በፊት የተከሰቱና ለክስ ምክንያት የሆኑ ወይም ክርክራቸው የተጀመረ ወይም በአፈጻጸም ሂደት ላይ ያሉ ጉዳዮች ቀድሞ በነበሩ ህጎች መሰረት ፍጻሜ የሚያገኙ ይሆናል፡፡

Part Nine**Miscellaneous Provisions****78. Obligation to Provide Support**

Any person shall be obliged to provide support whenever required by the concerned body to implement the matters provided under this proclamation.

79. Jurisdiction

The Courts of the regional state found at each hierarchy shall have jurisdiction on the offences provided under article 76 and 77 of this proclamation.

80. Power to issue Regulation and Directive

- 1) The Regional State Administrative Council may issue regulation for the implementation of this proclamation.
- 2) The Authority may issue directive for the implementation of this proclamation and regulation to be issued in accordance with this proclamation.

81. Transitory Provisions

- 1) The mineral operation license issued by the Authority or mineral agreement concluded with the Authority before the coming in to force of this proclamation shall be newly re-registered to the Authority and acquire license in accordance with this proclamation within six months from the date of approval of this proclamation.
- 2) Any cause of action created, legal proceeding started, or on the process of enforcement before the coming in to force of this proclamation shall get final solution in accordance with previous laws.

82. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

- 1) Labsiin Misooma Qabeenya Albuudaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 91/1997 Labsii kanaan haqameera.
- 2) Labsiin, Dambiin, Qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

83. Yeroo Labsichi Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfame irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee

Guraandhala 11 Bara 2012

Shimallis Abdiisaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

82. ተፈጻሚነት ስለማይኖራቸው ህጎች

- 1) የኦሮሚያ ማዕድን ሀብት ልማት አዋጅ ቁጥር 91/1997 በዚህ አዋጅ ተሸራጊ።
- 2) ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረን ማንኛውም አዋጅ፣ ደንብ፣ መመሪያ ወይም ልማዳዊ አሰራር በዚህ አዋጅ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም።

83. አዋጁ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ

ይህ አዋጅ በመገለጥ ኦሮሚያ ከታተመበት ቀን ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

ፊንፊኔ

የካቲት 11 ቀን 2012 ዓ.ም

ሺመልስ አብዲሳ

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት

82. Inapplicable Laws

- 1) Oromia Region Mineral Resources Development Proclamation No 91/2004 is repealed by this proclamation.
- 2) Any proclamation, regulation, directive or customary practice in contradiction with this proclamation shall not be applicable on the matters covered under this proclamation.

83. Effective Date

The proclamation shall become effective as of its publication on Megeleta Oromia.

Finfine,

19 February, 2020

ShimelisAbdisa

President of Oromia Regional State

©Waajjira Caffee Oromiyaatiin Kan Maxxanfame

በጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት የታተመ

Published by The Secretariat of “Caffee” Oromia

Waxabajjii 17 Bara 2012 / ሰኔ ፲፯ ቀን ፪ሺ፲፪ / June 24, 2020